Yuunivarsitii Jimmaa
Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaanitiitti,
Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruuf

Xiinxala Dogongora Barreeffamoota Afaan Oromoo Barjaawwan Magaalaa Aggaaroo Keessatti Argaman: Akaakuu Dogoggoraafi Dhiibbaa Waaltina Afaan Oromoof Qaburratti Xiyyeeffachuun

Jaallannee Jamaaliin

Onkoloolessa, 2012/2019
Yuunvarsitii Jimmaa

Yuunivarsitii Jimmaa
Koolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumaanitii
Muummee Barnoota Afaan Oromoo fi Ogbarruu

Xiinxala Dogongora Barreeffamoota Afaan Oromoo Barjaawwan Magaalaa Aggaaroorratti Mul'atanii: Sadarkaa Dogoggoraafi Dhiibbaa Waaltina Afaan Oromoof Qaburratti Xiyyeeffachuun

Qorattuun: Jaallannee Jamaal

Gorsaan: Tashoomaa Balaayinaa (Ph.D)
Gorsaa Gargaaraa: Abdusalaam Abbaa Olii (MA)

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun Guuttachuuf Qophaa'ee Yuunivarsitii Jimmaa Kolleejjii Saayinsii Hawaasaafi Huumaanitiitti, Damee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruuf Dhiyaate

Onkoloolessa, 2012/2019
Yuunvarsitii Jimmaa

Ibsa

Waraqaa qorannoo kana jalqabaa kaasee ofiikootii ulaagaa wixineen qorannoo tokko guutuu qabu hordofee hojjechuun xumureera. Gama seeraan hojiin nama biraa akkuma jirutti galagalfamee fudhatame qorannoo kana keessa hinjiru.

Qorattuu:

Maqaa: Jaallannee Jamaal

Mallattoo: _____

Guyyaaa: _____

Gorsaa:

Waraqaan qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

Maqaa: Tashoomaa Balaayinaa (PhD)

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Gorsaa Gargaaraa:

Waraqaan qorannoo kun gorsa ani kenneen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

Maqaa: Abdusalaam Abbaa Olii (MA)

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Qoraa Keessaa:

Waraqaan qorannoo kun madaallii ani geggeesseen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Qoraa Alaa:

Waraqaan qorannoo kun madaallii ani geggeesseen ulaagaa guutuun isaa mirkanaa'eera.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Galata

Hunda dura Uumaakoo isa karaa hundumaan gargaaree sadarkaa kanaan na ga'e guddaan galateeffadha. Itti aansuun nuffii tokko malee yaadaa, muuxannoofi ogummaa qabaniin nagargaaraa kan turan gorsitoota koo Doktoor Tashoomaa Balaayinaa (Ph.D) fi Obbo Abdusalaam Abbaa Olii guddaan galateeffadha. Dhumarratti, maatii kootiifi hiriyyoota daree kiyyaa akkasumas namoota milkaa'ina qorannoo kanaatiif odeeffannoo barbaachisu naaf kennaniif galanni koo guddaadha.

Axereeraa

Qorannoon kun xiinxala akaakuu dogongora barreeffamoota Afaan Oromoo barjaawwan beeksisoota Magaalaa Aggaaroorratti mul'atan keessaa kanneen waaltina Afaan Oromoorratti dhiibbaa fidanirratti xiyyeeffachuudhaan kan geggeeffameedha. Barreeffamoonni beeksisaa barjaaleerratti dogoggoraan barreeffamanii jiran namoota seerluga Afaan Oromoo hinbeekne biratti akka waan sirrii ta'aniitti fudhatamuun dogoggorichi akka babal'atu taasisaa jiru. Gama waaltina barreeffama Afaan Oromootiin yoo ilaalles gufuu guddaa ta'uunsaanii beekamaadha. Kanaafuu, qorattuun qorannoo kanaa muuxannoo qabdurraa ka'uun jalqaba rakkooleen gama qulqullinaafi fayyadama afaaniitiin mul'atan maal akka ta'an addaan baasuun maddi rakkoolee kanneenii maal akka ta'e addaan baasuuf qorannoo kana geggeessite. Bu'uuruma kanaan sadarkaa dogongora barreeffamoota barjaaleerratti mul'atan keessaa kanneen waaltina Afaan Oromoorratti dhiibbaa fidan xiinxaluuf qorattuun mala qorannoo qulqulleeffataatti dhimma baate. Odeeffannoon qorannoo kanaaf barbaachisu daawwannaafi af-gaaffiitti gargaaramuun walitti qabame. Odeeffannoon sassaabamanis haala walitti dhufeenya qabaniin qindaa'uun xiinxalaman. Bifuma kanaan, dogoggora caasaa barreeffamaa Afaan Oromoo (dogoggora filannoofi itti fayyadama jechootaa, dogoggora qubee (qubee guddaafi qubee xiqqaa iddoo malee fayyadamuu, dubbifamaa seeraan ala jabeessuufi laaffisuu, dubbachiistuu seeraan ala dheeressuufi gabaabsuu, dogoggora irrabutaa, dogoggora hudhaa, dogoggora qubee Afaan Oromoo addaan baasuu dhabuu) akkasumas dogoggorri seerlugaafi jijjiirraa afaan maddaafi afaan jijjiirraa bal'inaan akka mul'atu bu'aan qorannichaa agarsiiseera. Maddi dogoggora kanneeniis Afaan Oromoorratti beekumsa ga'aa dhabuufi dhiibbaa beekumsa caasaa afaan biroof (Afaan Amaaraafi Afaan Ingilizii) xiyyeeffannaa kennuufii dhabuudha. Rakkoolee kana furuuf, ga'umsa Afaan Oromoo barreessitoota beeksisa barjaaleerraa cimsuu, waajjiroota dhimmi kun ilaallatuuf muuxannoo hawaasa barjaalee kana dhaabbatan sanaa gama Afaan Oromoon cimsuu, Ogeeyyiin Afaan Oromoon leenji'an gita hojii kanarratti heyyama baafatanii hojjetan jiraachuu qabu. Miidiyaaleen garagaraa dhimma kanarratti xiyyeeffannoo kennuun hojjechuu qabu. Biiroon Aadaa fi Tuuriizimii naannoo Oromiyaa rakkoo kana salphisee ilaaluu osoo hin ta'iin xiyyeeffaannoo guddaa itti kennee hordofaniifi deeggarsa barbaachisu gochuu qaba.

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Galata ……4

Axereeraa …….....5

Baafata …….....6

BOQONNAA TOKKO: SEENSA…….....8

1. 1. Seenduubee Qorannichaa…….....8

1. 2. Ka'umsa Qorannichaa……11

1.3. Kaayyoolee Qorannichaa……14

1.3.1. Kaayyoo Gooroo…….....14

1.3.2. Kaayyoolee Gooree…….....14

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa……...15

1.5. Daangaa Qorannichaa……..16

1.6. Hanqina Qorannichaa……16

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKAATANII ...……..18

2.1. Dogongoroota Barreeffamaa…….…….....18

2. 2. Maalummaa Waaltinaa ……..18

2.3. Kaayyoo Afaan Waaltessuu …….....19

2.3.1. Waliigaltee Salphisuu (To Facilitate Communication) …….20

2.3.2. Adeemsa Baruufi Barsiisuu Salphisuuf …….21

2. 4. Barbaachisummaa Afaan Waaltessuu……..21

2.5. Gulantaalee Waaltina Afaanii 22

2.5.1. Hojiirra oolchuu …….22

2.5.2. Kunuunsuu ……..22

2.5.3. Walsimsiisuu Afaanii.. ……23

2. 6. Akaakuu Afaan waaltessuu……24

2. 7. Sadarkaa Afaan waaltessuu……24

2.8. Afaan Kan Waalteessu Eenyu? ……..26

2.9. Afaan Jireenya Hawaasaa Keessatti……26

2.10. Miidhaalee Jijjiirama Afaanii……28

2.10.1. Ambaalee Bara Dheeraatu Badu…….28
2.10.2. Hawaasni Afaansaa Jijjiirame Ofitti Amantaa Dhaba……29
2.10.3. Aadaa fi Duudhaa Hawaasaatu Bada…….29
2.10.4. Barreeffamarra Ooluu Dhabuu……30
2.10.5. Akkaataa Sirna Barreeffamaa……..30
2.11. Karooraa fi Imaammata Afaanii…….31
2.12. Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo……...31
2.13. Afaan Oromootiin Barreessuu ……..……..34
BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA……..35
3.1. Saxaxa Qorannichaa ……..……..35
3.2. Mala Qorannichaa…….....36
3.3. Madda Ragaalee Qorannichaa …….36
3.4. Iddattoo Qorannichaa……..36
3.5. Meeshaalee Ragaaleen Ittiin Guuraman…….....37
3.5.1. Daawwannaa……. ……...37
3.5.2. Af-gaaffii……..37
3. 6. Tartiiba Ragaaleen Ittiin Sassaabaman….……38
3. 7. Mala Qaaccessa Ragaalee……...38
BOQONNAA AFUR: DHIYEESSA QAACCESSAA FI HIIKA RAGAALEE ……..40
4.1. Tooftaalee Xiinxala (Qaaccessa) Ragaalee …….....40
4.2. Xiinxala Ragaalee Barreeffamaa …….....40
4.2.1. Gosoota Dogoggora Bareeffamootaa ……..41
4.2.1.1. Dogoggora Qubee ……45
4.2.1.2. Dogoggora Hiikaa ……47
4.2.1.3. Filannaa Jechootaa ……44
4.2.1.4. Dogoggora Tartiiba Jechootaafi caasaa…….....45
4.3. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii ……47
4.3.1. Af-gaaffii Abbootii Qabeenyaa Waliin Geggeeffame …….……...49
4.3.2. Af-gaaffii Barreessitoota Waliin Geggeeffame …….....50
4.3.3. Af-gaaffii Ogeessa Aadaafi Tuuriizimii Waliin Geggeeffame ……51

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAA FI YAADA FURMAATAA …….....57

5.1. Cuunfaa ……57

5.2. Goolaba ……60

5.3. Yaada Furmaataa …….62

Wabiilee……..…….……64

Dabaleewwan……69

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1. 1. Seenduubee Qorannichaa

Afaan saba tokkoo hundee eenyummaa saba sanaa akka ta'e beektonni afaanii irratti walii galu. Afaan mallattoo eenyummaa ofiiti kan jedhamuufis kanumaafi. Dhalli namaa afaaniin miira isaa ibsata. Afaan aadaa hawaasaa keessatti kan uumameefi aadaa kan ibsu waan ta'eef akkuma aadaan hawaasaa jijjiiramaa deemuun jijjiiramaa deema. Kanaaf, carraan afaanii carraa hawaasa afaanicha dubbatuutiin kan walqabatee dha. Shigemoto (2011, f. 2) carraan afaanii carraa hawaasa afaanicha dubbatuutiin hagam akka walqabatu yoo ibsu akkana jedha. "A society that is robust with the resources to develop economically, socially, and culturally also gives rise to an expanding language." Akka hayyuun kun ibsutti, hawaasni dinagdeesaa, jireenya hawaasummaasaafi aadaasaa fooyyeffachuuf ga'umsa qabu dagaagina afaansaatiifis ga'ee guddaa gumaacha. Hawaasni dinagdeen, hawaasummaa fi aadaan dadhabaa yoo deemu, afaansaas dadhabaa yookaan badaa deema.

Diamond (1993) akka ibsutti, afaaniifi aadaa gidduu quunnamtii guddaan waan jiruuf hawaasni kamiyyuu afaansaatiif kunuunsa gochuutu irraa eegama. Akka ibsasaatti, afaan yoo badu, kan waliin badu sagaleewwaniifi caas-luga afaanichaa qofa miti. Afaan tokko kan barreeffamaa yoo ta'es, yoo ta'uu baates, ilaalcha addunyummaa, sirna amantaafi kuusama og-barruu hawaasichaa ibsa. Afaan kuusama muuxannoo fi beekumsa hawaasaa kan baroota kumaatamaa kan ibsu qofa osoo hinta'in, beekumsaafi muuxannoolee kunneen dhaloota dhufuuf dabarsuufis meeshaa gargaarudha. Amantaa, ilaalchaa, aadaa, meeshaalee aadaafi fedhii hawaasa tokkoo kan afaansaa caalaa ibsuu danda'us hinjiru.

Diamond (1993) badiinsa aadaafi afaan hawaasaa "cultural disintegration" jechuudhaan ibsa. Hawaasni tokko aadaafi afaansaa doofaa, boodatti hafoofi gadhee ta'uun yoo daddabalee itti himame, dhugaadha jedhee fudhataa deema. Amantaafi ilaalchi akkanaa gad-aantummaa, barnoota keessatti qabxii gad-aanaa galmeessuu, hoj-dhabdummaafi hiyyummaadhaan walqabata. Gama biraatiin immoo, hawaasni aadaa fi afaansaarratti ilaalchaafi amaantaa gaarii yoo qabaate, yeroodhaaf hiyyeessa yoo ta'ellee, suuta suutaan fooyya'aa yookaan guddataa, misoomaafi qaroomina biyyaa keessattis gumaacha olaanaa gochuu danda'a (Diamond, 1993).

Kanumaan walqabatee, mirgi afaan ofiitti fayyadamuu akka mirga namoomaatti fudhatamee jira. Mirga namoomaa Dhaabbanni Biyyoota Walta'anii (UN) labsii mirgawwan namoomaa keessatti mirga afaan ofiitti fayyadamuu fi afaan ofiitiin barachuutiif bakka guddaa kenneera.Uummanni addunyaa marti mirga afaansaatiin barachuu, dagaagfachuu, ittiin barreessuu, dhimmoota bulchiinsaafi manneen murtii keessatti, dhimmoota aadaa fi kanneen biroof itti fayyadamuu mirga guutuu akka qabu "Universal Declaration on Indigenous Rights" keessatti ifa ta'ee ibsamee jira (Ricento & Hornberger, 1996; Brant, 1963).

Hawaasni Oromoo, hawaasa afaansaatiin akka hinbarreessine qofa osoo hin ta'in, akka ittiin dubbatee ittiin waliihingalle seeraan dhorkamee kan tureedha. Waggoota kunneen keessatti, hawaasichi dhiibbaa irra ga'aa ture tole jedhee yeroon fudhate hin turre. Gootonni hedduunis, dhiibbaa fi hacuuccaa hawaasicharra ga'aa ture mormuun qabsoo godhamaa ture keessatti hirmaachuun lubbuusaanii wareeganiiru. Qabsoon saboonnii fi sab-lammoonni godhan injifannoon xumuramee Mootummaan Dargii bara 1991 aangoorraa erga ka'een booda garuu Afaan Oromoos afaan hojii, afaan barreeffamaa, afaan barnootaa fi afaan meeshaaleen quunnamtii hawaasaa yookaan miidiyaaleen garagaraa ittifayyadaman ta'ee tajaajilaa jira. Barreeffamni sadarkaa dagaagina afaan tokkoo kan ibsuu dha. Afaansaatiin seera afaanichaa eegee dogoggora malee barreessuuf yaaliin hawaasni tokko godhummoo xiyyeeffannoo hawaasichi afaansaa dagaagsuuf kennu kan agarsiisuu dha.

Yeroo ammaa kana Afaan Oromoo eenyummaa saba Oromoo ibsuutti dabalee gara afaan barreeffamaa, afaan hojii fi afaan barnootaa ta'uudhaan hojiirra ooluu eega jalqabee waggoottan Digdamii Saddeet lakkaawamaniiru. Dagaagina afaanichaa saffisiisuuf waggoota hedduu dabran keessa yaaliiwwan gurguddoon godhamaa turaniiruu ammas godhamaa jiru. Afaan Oromoo Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti afaan barnootaa akka ta'u murtee Mootummaan Naannoo Oromiyaa dabarseen walqabatee afaanichi manneetii barnootaa sadarkaa tokkoffaa keessatti afaan barnootaa ta'ee jira. Kana malees, manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa keessattis akka gosa barnootaa tokkotti baratamaa jira. Kolleejotaa fi Yuunivarsiitiiwwan keessattis sadarkaa dippiloomaa, digirii tokkoffaa fi lammaffaa akkasumas hanga digirii sadaffaatti baratamaa jira. Sadarkaalee kunneen mara keessatti barsiisuuf kan tajaajilan kitaaboleen barnootaa adda addaa qophaa'anii hojiirra oolaniiru. Gama biraatiinimmoo, caasaan mootummaa guddina afaanii fi aadaa uummata Oromoo saffisiisuuf

hojjetu hanga sadarkaa gadiitti diriireera. Kunimmoo, dagaagina aadaa fi Afaan Oromootiif xiyyeeffannoo mootummaan kenne kan agarsiisuu dha.

Afaan Oromoo kan inni sirriitti guddachuu danda'u yoo sirriitti seerlugni isaa eegamee barreeffame qofaa ta'uunsaa kan wal nama gaafachiisu miti. Afaan saba tokkoo kan inni sirriitti guddachuufi dagaaguu danda'u yoo seeraan barreeffamee fi ittiin hojjetamee tajaajila garagaraaf fayyaduu danda'e qofaa dha (Beekamaa, 1996). Afaan Oromoos guddachuun tajaajiloota inni kennuu qabu keessaa inni tokko afaan beeksisaa ta'ee fayyaduu qaba. Hacuuccaa baroota dheeraan booda tajaajiloota kanaaf ooluunsaa cimina sabaa fi hayyoota Oromoo kan ibsu ta'uu isaati. Hayyoonni garagaraa akka ibsanitti barreeffamni jechoota sirrii ta'anitti fayyadamuudhaan yaada ofii kan ittiin ibsatan akkasumas og-barruu afaan tokkoo kan ittiin guddifatanii fi dhaloota boriitti kan ittiin dabarfatan mallattoo eenyummaa ofiiti jechuudha. Kanaafuu, barreeffama tokko yeroo barreessinu hiikaa fi ergaa dabarsuun barbaadame akka hinhafneef seerlugaa fi aadaa afaanichaa eegnee barreessuu qabna. Afaan Oromoo yeroo katabamu qubeen isaa sirriitti hin barreeffamne taanaan dubbisuun isaa nama rakkisa. Kanaafuu, duraan dursee sagalee yookaan qubee sirrii fayyadamuu baruun murteessaadha. Jechi tokko dubbachiiftuu dheeraafi gabaabaa, dubbifamaa jabaafi laafaa, hudhaa, irrabuta, qubguddeessa, sirna tuqaalee, walqabsiistotaafi kkf sirrii ta'etti fayyadaamuun ergaa dabarfachuu barbaanne dubbistoota afaanichaaf salphaa fi ifaa taasisuurra darbee jechoota afaan sanaa waaltessuu keessatti shoora olaanaa qaba.

Afaan waaltessuun adeemsa afaan dubbattoota tokkoon dubbatamu ta'ee loogota garagaraa ofkeessaa qabu loogota afaanichaa walitti fiduudhaan kan caalatti filatamaadha yookaan dubbattoonni afaanichaa rakkoo tokko malee ittin walii galu jedhamee yaadamu keessaa filachuun qopheessuu, qinddeessuufi hammayyeessuun hojiirra oolchuuti. Kana kan raawwatummoo fayyadamtoota afaanichaa yoo ta'u, barruuleen afaanichaan qopha'anii fi sabqunnamtiileen garaa garaa gahee mataa isaanii qabu. Yaanni kun wirtuu jildii (1995, f. 6) yoo ibsamu "waaltina afaan tokkootiif barreefamoonnii fi meeshaaleen beeksisaa fi qunnamtii garaa garaa gahee guddaa qabu". Yaaduma kana deegaruun Asaffaa Tafarraa (2009, fuula 114) yoo ibsu, "Moggaasni jechootaafi yaadachiisni jechoota dagatamanii karaa beeksisootaafi sabqunnamtiiwwanii akkasumas galaalchota yookaan barruulee garagaraa biroon ummata bira ga'u. Galaalchonni, beeksisootaa fi barruuleen Afaan Oromoo kunniinis ergaa isaanii keessatti waaltina Afaan Oromoo irratti ni hojjatu".

Akka yaada kanarraa hubannutti beeksisoonni barjaalee, miidiyaaleen yookaan sabqunnamtiilee fi barruuleen garagaraa waaltina afaan tokkoo keessatti gahee guddaa akka qabaniidha. Kunis kan ta'u karaa jechoota waalta'aniifi dagataman salphaatti ummata biraan ga'uun ummatichi afaan isa waalta'aa akka baratanii fi itti fayyadaman gochuutiin ta'a.

Akkuma armaan olitti kaafame waaltina afaan tokkootiif wantoota tajaajilan keessaa beeksisoonni barjaalee fi barreeffamaa isaan tokkoodha. Beeksisa jechuun karaa yookaan tooftaa odeeffannoo tokko meeshaalee barreeffamaa fi teeknoloojii garagaraa fayyadamuun ummata bal'aa biraan ittiin gahaniidha. Beeksisoota kanniin keessaa beeksisi maxxansaa yookaan barreeffamaa kanneen jedhaman isaan beekamoodha. Beeksisa maxxansaa kanneen jennuun immoo beeksisa odeefannoo argatan bifa barreessanii maxxansuu fi dubbistoota biraan gahaniidha.

Beeksisoota maxxanfamanii ijaa fi gurra ummataa yookaan dubbistootaa gahuudhaan waaltina afaan tokkoo keessatti gahee ol'aanaa qaban keessaa barjaaleen isaan tokko akka ta'an nidubbatama. Waaltina afaan tokkootiif barreeffamoota tajaajilan keessaa barjaaleen isaan tokkoodha. Guyyaa guyyaan dubbifamu, karaalee barreefamaa jechootaan ergaa dabarsu, baruumsas kennu. Kanaafuu barjaaleen gaheen isaan waaltina Afaan Oromoo keessatti qaban akka salphaatti kan ilaalamu miti.

Billboard is defined as a term commonly used to describe a type of outdoor advertising found along major highways (http://www.madehow.com/Volume-5/Billboard). In legal parlance, the term "billboard" is defined as a form of outdoor advertisement whereby public and private advertisements are made with a view to promote sales of goods or services or to publicize name, logo, trademark or objectives (Advertisement Proclamation No.759/2012, cumulative reading of arts. Accordingly, a billboard is an outdoor inscription placed in public areas for the sake of promotion and publicity.

Billboards play a significant role in the economic, social, cultural, and political development of a society due to their placement in public areas and their ability to attract the attention of the public, and this can be realized through their simple, striking, and creative appearance (Advertisement Proclamation No. 759/2012, Preamble). While they can have positive impact, billboards can also inflict damage on linguistic landscape of the society and become bottlenecks

to economic, social, cultural and political development of the country. Hence, billboard inscriptions must be conducted and placed in tune with the language policy and legislations that are crafted to serve economic, social, cultural and political interests of the society in which they are placed. In this way, circulating sociopolitical discourse about multilingualism is concretely observable. Therefore, it is important to focus on what takes place behind the scenes in the construction of billboards. According to article 21(3) of the Advertisement Proclamation, all outdoor advertisements, in general, and billboards, in particular, are required to be written in local language and alphabet. Where it is written both in local and foreign languages and alphabets, the local language and alphabet is required to appear before or above the foreign language and alphabet.

Akkuma armaan olitti tuqame beeksisoota Afaan Oromoo waaltina Afaan Oromoo keessatti gahee guddaa taphachaa jiran keessaa barjaaleen isaan tokko yoo ta'an qorannoon kunis kan irratti xiyyeeffatu akaakuu dogongora barreeffamoota beeksisaa barjaawwan magaalaa Aggaaroofi dhiibbaa waaltina Afaan Oromoof qabu xiinxaluurrattiidha.

1. 2. Ka'umsa Qorannichaa

Afaan Oromoo afaan sabni hedduun dubbatu waan ta'eef, hawaasni kutaa adda addaa keessa jiraatu kan dubbatu waan ta'eef, haalli itti dubbatamu godinaa gara godinaatti hanga tokko garaagara ta'uu ni danda'a. Haata'u malee, haala itti barreeffamu irratti garaagarummaan hinjiru. Waa'ee afaanii dubbachuu fi barreessuuf akka nu gargaaruuf jechoota garagaraa uumuun hinoolu. Garuu, isa uumamee jiru akka baramu gochuu dhiifnee maqaa adda addaa baasaa adeemuun dogongora baay'isaa adeemuudha waan ta'eef, kana irraa of eeguun barbaachisaa dha.

Mootummaan naannoo Oromiyaa guddina Afaan Oromootiif xiyyeeffannoo kenneen bu'aalee hedduun argamanis itti fayyadama afaanichaa keessumattuu barreessuun walqabatee rakkooleen ijoo ta'an har'ayyuu ni mul'atu. Rakkooleen kunneen hubannoo dhabuun yookaan itti yaadamanii uumamuu danda'u. Rakkooleen mul'atanis sadarkaa caaseffamaatti, sadarkaa qubeetti, sadarkaa jechaafi sadarkaa hiikaatti ilaalamuu ni danda'u. Keessumattuu magaalaa Aggaaroo keessatti barreeffamoota adda addaa akka beeksisaatti, maqaawwan dhaabbilee daldalaafi waajjiraalee mootummaa sakatta'uudhaan rakkinichi hagam cimaa akka ta'e

hubachuun ni danda'ama. Qorannaa kanaaf kan sababa ta'es rakkina gama kanaan mul'atu adda baasanii hubachuun barbaachisaa waan ta'eef.

Namni Magaalaa Aggaaroo keessa naanna'ee barreeffamoota dhimma adda addaaf maxxansaman ilaale, Afaann Oromoo afaan seera of danda'e qabuudha jedhee ibsuuf ni rakkata. Beeksisoonnii fi barruuleen kunneen uummata hubachiisuuf yookaan ergaa dabarsuuf barbaadame dabarsuuf kan barreeffaman yoo ta'anillee, kaayyoo barreeffamaniin ala dubbistoota dogoggorsuuf kan barreeffaman fakkaatu. Gama biraatiin immoo rakkooleen akkanaa yoo uumaman qaamni sirreessuuf yaalu waan jiru hinfakkaatu. Qorannoo kana geggeessuuf qorattuu kan kakaase qaamni mootummaa dhimmi kun ilaalu jiraachuuf dhiisuu adda baafachuun gama kanaan hiri'ina jiru guutuudha.

Barreeffamoonni magaalaa keessatti uummata hubachiisuuf maxxansaman fageenyatti mul'atanii odeeffannoo akka dabarsanutti katabamu. Kanaan walqabatee guyyuu ganamaa eegalee hanga galgalaatti namoota hedduudhaan dubbifamu. Gama umuriitiin yoo ilaallame, daa'immanii eegalee hanga ga'eeyyiifi jaarsoliitti kan jiran marti dubbisaa oolu. Kanaaf, yoo sirriitti seera Afaan Oromoo eeganii katabaman uummata hedduun akkuma irraa barachuu danda'u, dogoggora yoo qabaatanimmoo miseensota hawaasaa hedduu dogoggorsuu danda'u.

Barreeffamoonni kunneen dubbistoota qajeelchuuf kan barreeffaman osoo hintaane dogoggorsuuf barreffaman goolaba jedhurra ga'uun hanga danda'amutti dhimma kana callisanii ilaaluun dagaagina afaanichaa quucarsuudha jechuunis ni danda'ama. Madda rakkinichaa barbaaduun erga adda baasanii booda yaada furmaataa kennuun rakkinicha furuun hindanda'amu taanaan Afaan Oromoo guddisuufis ta'ee, waaltessuuf yaalii godhamaa jirurratti dhiibbaa inni geessisus dabalaa deemuunsaa beekamaadha. Kanaaf, barnoota Afaan Oromoorratti dhiibbaa geessisuu bira taree waaltina afaanichaarrattis dhiibbaa inni geessisu akka salphaatti kan ilaalamu miti.

Waaltina afaan tokkootiif fayyadamtoonni afaanichaafi barreeffamoonnii fi beeksisoonni afaanichaan barreefaman gahee guddaa qabu. Afaan tokko kan waaltessu dubbattoota afaanichaa yoo ta'u barreeffamoonnii fi beeksisoonni afaanichaammoo karaalee jechoota waalta'aa fi dagatamaa jiran fayyadamuun dubbistoota biraan ga'uutiin shoora guddaa qabu. Barreeffamoota kana keessaa beeksisoonni barjaaleerraa isaan tokkoodha.

Dhimma kanarratti Asaffaa Tafarraa (2009, f. 29) Eela seenaa ogummaa oromoo) akkas jedha, “barreeffamoota afaan tokkoon barraa’anii dhiyaatan keessaa beeksisoonnii fi galaalchonni afaan tokko guddisuufis ta’ee waaltessuuf shora guddaa qabu”.

Qorattuun qorannoo kanaa akka dubbistetti qorannoowwan mataduree kanaan walitti siqan kan xiinxala guddinaafi waaltina og-barruu Afaan Oromoorratti xiyyeeffatan hinmul'atan. Qorannoowwan kanneen keessaa tokko qorannoo Amaanu’eel Raagaa (2012) ‘Linguistic landscape and language attitude: A case study on Jimma town’s linguistic landscape inscribers’ attitude for Afan Oromo’ mataduree jedhurratti dhiibbaa ilaalchi namoota barjaaleerratti barreessanii seera barreeffama Afaan Oromoorratti fidu xiinxalee ture. Karaa biraas, Alamaayyoo Faqqadee fi Taakkalee Gammachuu (2016) ‘An analysis of linguistic landscape of selected towns in Oromia (Adama, Jimma and Sabata towns): An ethno linguistic vitality study’ mataduree jedhurratti qorannoo geggeessanii turan. Akkasumas, Guutaa Laggasee (2016) ‘Error analysis in billboard advertisements written in Afan Oromo in Jimma town that totally changed the meaning of the words and phrases and affected communication’ mataduree jedhurratti qorannoo geggeessee ture. Haaluma walfakkaatuun, Beekan Gulummaa (2014) ‘Xiinxala qulqullina barreeffama Afaan Oromoo: Beeksisoota magaalota naannoo Finfinnee’ mataduree jedhurratti kan xiyyeeffatu geggeessee ture.

Kanaafuu, qorannoowwan hanga ammaatti geggeeffaman kana keessaa kallattiidhaan qorannoon xiinxala dogongora barreeffamoota Afaan Oromoorratti xiyyeeffachuudhaan akaakuu dogoggoraafi dhiibbaawwan waaltina Afaan Oromoof qabu mataduree jedhurratti waan hin hojjetamneef, dhimmi guddinaa fi waaltina afaanii dagatamee yookaan moggaatti gatamee dogongora qubee sirreessuu qofaarratti xiyyeeffachuun bu’aasaarra miidhaan isaa madaaluu akka danda’u beekamaadha. Gama biraatiin immoo bakka qorannoon kun itti geggeeffamu magaalaa Aggaaroo keessatti qorannoon walfakkaatu kanaan dura kan geggeeffame tokkoyyuu hinjiru. Kana malees qorannoon kun malleen qorannoo fayyadameefi kaayyoosaatiin qorannoowwan kanaan dura geggeeffamanirraa adda kan ta’uudha. Waan kana ta’eef, dogongoroonni barjaaleerratti mul’atan kunneen dhiibbaawwan isaan guddinaa fi waaltina Afaan Oromoorratti fiduu danda’an haala saayinsaawaa ta’een gadifageenyaan xiinxaluun hir’ina yookaan qaawwaa gama kanaan jiru guutuun barbaachisaadha qofa osoo hin ta’in dirqama waan ta’eef madda rakkinichaa adda baafachuun yaada furmaataa barbaachisu kennuun guddinaa fi waaltina Afaan

Oromootiif ga'ee olaanaa kan gumaachuudha waan ta'eef qorannoo kana geggeessuuf. Kanaafuu, rakkoolee barreeffama barjaalee Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessatti mul'ataniifi madda rokkoolee kunneenii akkasumas sadarkaa rakkooleen kunneen irratti mul'atanii fi dhiibbaa rakkooleen kunneen guddinaa fi waaltina ogbarruu Afaan Oromoo irratti fiduu danda'an xiinxaluudhaan yaada furmaataa qaama dhimmichi ilaaluuf kennuudha.

Bu'uuruma kanaan qorannoon kun adeemsa qorannichaa keessatti gaaffilee bu'uuraa armaan gadiitiif deebii barbaachisaa ta'e ni kenna.

1. Barreeffamoota Afaan Oromoo barjaawwan magaalaa Aggaaroorratti mul'atanii qulqullina akkamii qabuu?
2. Dogongoroonnii barjaawwan irratti mul'atan kunneen dhiibbaasaan waaltina afaaniirratti fidan maalfaa ta'uu danda'aa?
3. Rakkoowwan dogongoroota mul'atan kanneeniif furmaanni gara fuula duraatti kaa'amuu qabu maalfaa ta'uu qabaa?

1. 3. Kaayyoolee Qorannichaa

Kaayyooleen qorannichaa gaaffilee bu'uuraa olitti kennaman deebisuun kan walqabataniidha. Haaluma kanaan qorannichi kaayyoolee armaan gadii bu'uura godhatee kan geggeeffamuu ta'a.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa dogoggora barreeffamoota Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessatti dhimmoota beeksisa garagaraatiif qophaa'anii maxxansaman sakatta'uudhaan akaakuu dogoggoroota mul'atanii fi dhiibbaa dogogoroonni kanneen guddinaa fi waaltina Afaan Oromoorratti qaban xiinxaluu dha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoolee gooreen qorannichaa kanneen armaan gadiiti.

1. Barreeffamoota Afaan Oromoo barjaawwan magaalaa Aggaaroorratti mul'atanii qulqullinnisaanii maal akka fakkaatu addaan baasuun ibsuu

2. Dogongoroonni barjaawwan irratti mul'atan kunneen dhiibbaawwan akkamii fiduu akka danda'an adda baasuu.
3. Rakkoowwan dogongoroota mul'atan kanneeniif yaada furmaataa gara fuula duraatti fudhatamuu qabu lafa kaa'uu.

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Barreeffamoonni magaalaawwan keessatti mul'atan kanneen akka beeksisaafi maqaawwan dhaabbilee mootummaafi mit-mootummaa kaayyoowwan garagraatiif kan barreeffamaniidha. Tokkoffaa, ergaa sirrii ta'e dabarsuun uummanni tajaajila sirrii dhaabbaticharra argachuu barbaadan akka argatan nigargaara. Abbootiin qabeenyaa yookaan daldaltoonni meeshaalee dhaabbannisaanii uummataaf dhiyeessan sirriitti waan ibsaniif hojiinsaanii bu'a qabeessa ta'a. Gama biraatiinimmoo, namoota Afaan Oromoo akkuma barbaadanitti seera afaanichaa osoo hin eegin akkafedheedhaan barreessaniif, Afaan Oromoo seera mataa isaa akka qabu beekanii dogongora uumuu irraa of qusatanii akka barreessaniif karaa sirri itti agarsiisuu danda'a.

Walumaagalatti, dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa, akkasumas namoota dhimma walfakkaatu irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniifis ta'ee hojiiwwan jijjiirraa iratti bobba'uu barbaadaniif qorannoon kun bu'aa olaanaa kennuu danda'a. Hundaa olimmoo, caasaaleen mootummaa dhimmi afaanii isaan ilaalu firii qorannaa kanaatti fayyadamuudhaan rakkinichi jiraachuu fi miidhaa inni geessisuu malu hubatanii tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisu akka fudhataniif gargaaruu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun dogoggoroota barreeffamaa kanneen akka beeksisaa adda addaa, maqaalee dhaabbilee daldalaa, waajjiraalee mootummaa fi mit-mootummaa magaalaa Aggaaroo keessatti argaman qofa kan ilaaluudha. Sababa magaalaan Aggaaroo filatameefis magaalota godina Jimmaatti keessatti argaman keessaa magaalaan Aggaaroo magaalaa Jimmaatti aansuudhaan magaalaa guddoo godina Jimmaa waan taateefi magaalaa Jimmaarratti immoo hayyoonni Yuunivarsitii Jimmaa qorannoowwan mata duree kanaan walitti siqeenya qaban afaan Ingiliffaatiin geggeessaa waan turaniif. Kanaaf, qorannoon kun bakkaan magaalaawwan godina

Jimmaa kanneen biroo hin ilaallatu. Gama biraatiinimmoo, beeksisoota hubannoo uummataaf tajaajila yeroo dheeraa akka kennaniif barreeffaman malee beeksisoota waajjiraaleen mootummaa fi mit-mootummaa guyyaa guyyaan dhimma hojiitiif barreessanii maxansan hin ilaalu. Walumaagalatti qorannoon kun caasaa Afaan Oromoo (duraaduuba jechootaa), qubeessuu (dubbachiistuu dheeressuufi gabaabsuu, dubbifamaa jabeessuufi laaffisuu, irrabutaafi hudhaa) fi jijjiirraa, halluu ittiin barreeffameefi duraaduuba fayyadama afaanota ittiin barreeffamaniirratti kan xiyyeeffatuudha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana keessatti wantoonni hanqina ta'anii mul'atan ni jiru. Hanqinni qorannoo kanaa inni duraa qorannoon mata duree kanaan walfakkaatu kan hin hojjetamne ta'uusaati. Itti dabaluudhaan rakkinoonni kanneen akka bajata gahaa dhabuu, yeroo gahaa dhabuu fi kitaabilee dhimma kanaan walqabatan gahaa dhabuu fa`i. Hata'u malee, daawwannaa dirree geggeessuun suuraawwan barjaaleerraatiin deeggaruudhaan afgaaffii fayyadamuun odeeffannoo argame rogsadeessuun ragaa sassaabame xiyyeeffannoo itti kennuun xiinxaluun qorannichi hojjetameera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKAATUU

2.1. Dogongoroota Barreeffamaa

Jecha tokko beekaas ta'ee osoo hin beekin jijjiiruun jecha sana hiika isaa jijjiiruu akka ta'ee beekuun barbaachisaa dha.Waantonni dogongora barreefamaa uumuu danda'an lama yoo ta'an isaanis seera barreeffamaa sirrii hin taane fayyadamuu fi seerluga afaan ittiin barreessaa jiranii addaan baasanii wallaaluu dha. Jechoonni tokko tokko sagalee walfakkaatu qabu waan ta'eef salphaatti nama dogongorsiisuu danda'u. Garuu qubee fi hiika adda ta'e qabaatu jechuu dha. Barreeffama Afaan tokkoo yeroo barreessinu seerluga afaanichaa eeguun akkuma jirutti ta'ee yeroo afaan tokko irraa gara afaan birootti jijjiirru saayinsii jijjiirraa eeguun jijjiiruun immoo ergaa darbuuf karoorfame sana haalaan galmaan gahuuf hedduu kan fayyaduun dha.

Fakkeenyyaaf barreeffamoonni barjaawwan adda addaa irratti mul'atu hanqinni inni qabu kan barreeffamaa qofaa osoo hin ta'in haalli inni itti afaan maddaa irra gara afaan jijjiirraatti jijjiiramee jirus saayinsii jijjiirraa kan eege miti. Kanaafuu namni tokko osoo barruu tokko hin barreessiniin dura seerluga afaanichaa beekuutti dabalee moodelotaa fi tooftaalee jijjiirraa jiran addaan baasee beekuu qaba.

Akka (Yule, 1996) ibsutti, tooftaalee jijjiirraan ittiin adeemsifamu bebbeekamoo afurtu jiru. Isaanis: Xiinqooqa irratti hundaahuun jijjiiruu, Saayinsii jijjiirraatiin eeguun jijjiiruu, Kaayyoo jijjiirraa eeguun jijjiiruu, Aadaarratti hundaahuun jijjiiruudha jedha.

Gama biraatiinimmoo akka (Karl Buhler, 1934) ibsutti, kaayyoo waanta jijjiiramuu sana irratti hundaahuudhaan malleen adda addaatti fayyadamuudhaan jijjiiruun ni dandaa'ama. Malleen kunneenis: Jecha jechaan hiikuun jijjiiruu (Word to word translation), Irra keessaan jijjiiruu (Litral translation), Amanamummaan jijjiiruu (Faithfull translation), Hiikarratti hundaahuun jijjiiruu (Meaning based translation), Madaqsuun jijjiiruu (Adoption translation), Bilisa ta'uun jijjiiruu (Free translation), Dubbii qolaa eeguun jijjiiruu (Denatative translation), Walquunnamnee jijjiiruu (Communicative translation) jedha.

Adeemsa ergaa afaan tokko irraa gara afaan birootti dabarsuu keessatti rakkoowwan hedduun nama mudachuu ni danda'a.Yeroo hedduu ergaan karaarratti gufatee hafa. Kanaafuu

rakkoowwan jijjiirraa keessatti nama mudatan keessaa bu'uura kanneen ta'an: rakkoowwan afaan wallaaluudhaan wal qabatan, rakkoowwan hiika jechootaa, rakkoowwan caasaa afaanii, rakkoowwan barreeffama jijjiirraa, rakkoowwan walitti makama afaanii, rakkoowwan xiinsammuu fi dandeettii waan haaraa uumuu, rakkoowwan muuxannoo hojii jijjiirraa dhabuu, rakkoowwan dandeettii dubbisuu, rakkoowwan galmee jechootaatti fayyadamuu wallaaluufaadha (Newmark, P. 1998).

Ergaa beeksisaa tokko barreessuu fi afaan tokko irraa gara afaan birootti jijjiiruu keessatti jechi tokko dubbachiiftuu dheeraafi gabaabaa, dubbifamaa jabaafi laafaa, hudhaa, irrabuta, qubguddeessa, sirna tuqaalee fi walqabsiistota sirrii ta'etti fayyadaamuun ergaa dabarfachuu barbaanne dubbistoota afaanichaaf salphaa fi ifaa taasisuurra darbee jechoota afaan sanaa waaltessuu keessatti shoora olaanaa qaba.

2. 2. Maalummaa Waaltinaa

Afaan waaltessuun afaan loogota garaa garaa of keessaa qabu tokko loogota afaaniichaa sana walitti fidanii waltessuun kan dubbattoonni afaanichaa rakkoo tokko malee ittiin walii galu jedhamee yaadamu filatanii qindeessuufi hammayyeessuun hojii irra oolchuudha.

Maalummaa afaan waaltessuu hayyoonni garagaraa haala kanaan kaa'aniiru. Wirtuu jildii (3ffaa, fuula 110) Hudsen (1980) wabeeffachuun yoo ibsamu. "Afaan tokko keessatti garaagarummaan loogaa mul'achuu danda'a, garaa garummaan loogoota kunniin kan furamu yoo ummanni hundii qooda fudhateedha kana jechuun afaan tokko kan guddatu ofumaa gara fedhetti yoo ta'u waaltessuun ammo uummatichi gara ofii fedheetti deebisuu jechuudha".

Gama biraatiin Girmaa Maammoo wirtuu jildii (9ffaa, fuula 191) waaltina yoo ibsu. "Language standardization (LS) is refers to the process in which language codified elaborated. Implemented modernized". Akka waraabbii armaan olirraa hubannutti afaan waaltessuun adeemsa afaan tokko qopheessuu qindeessuu fi hammayyeessuuti. Kanamalees wirtuu jildii (1995, fuula 8) waaltinni yoo ibsamu "Afaan waaltessuun jechuun dubbattoonni afaan sanaa gidduu galinaan itti walqunnamuu fi loogawwan garaagaraa afaan sanaa walsimsiisanii fayyadamuun bal'inaan waaltessuudha".

Tajaajila afaanii inni duraa wal-qunnamtii saffisiisuudha. Walqunnamtiin fiixaan ba'uuf afaan tokko bifa wal-fakkatuun itti faayadamuun barbaachissadha. Haata'u malee, afaan uumamumaan bifa adda addaa ni qabaata. Kanaaf, jijjiirama afaaniifi bifa afaanii wal-fakkaatuun waliigaluu gidduutti wal-dhabdeen jira jechuudha. Sababnisaas wal-qunnamtii gaarii adeemsiisuf namoonni waligaltee adeemsisan sun afaan bifaan wal fakkaatuun fayyadamuu waan qabaniif. Kanaaf, yaaliin garaagarummaa afaan tokko keessa jiru to'achuun barbaachisaadha.

Waaltinni jijjirama afaanii gufachiisuu ni danda'a; garuu, guutummaan guutuutti dhorkuu hin danda'u (Milory 1999). Kana jechuun waaltinni afaanii itti fayyadama afaanii wal-fakkatu uumuuf jijjiirama afaaniifi garaagarummaa afaanii hir'isa. Waaltinni adeemsa ittiin logawwan adda addaa keessaa inni tokko akka caalutti yookiin lugalee jiran makuun afaan waalta`e tokko uummata afaanicha dubbatan hunduma biratti fudhatama akka argatu taasifamu agarsiisa (Ferguson 1968).

Waltinni afaaanii maaltu afaan keessatti dabalamuu akka qabuufi dabalamuu hin qabne irratti waliigaluu dha. Haugen (1966) afaan tokko walteessuu keessatti lugaalee jiran keessa tokko walta`aa taasisuuf sadarkaalee muraasa keessa darbuu akka dirqamaa ta`e ni ibsa. Isaanis; filachuu (selection), lugaalee jiran keessa tokko filachuu, moggaasuu, seer-lugafi guuboo jechootaa qopheessuufi baba`alisuu afaan waalta`e sana og-barruu, mana murtii, barnoota bulchiinsaafi daldala keessatti fayyedamuu dha.

Yeroo baay'ee luga waalta'e santu tajaajila barreeffamaaf oola; mana barumsaatti tajaajila barnootaaf fayyada; irra jireessaan namootni barataniin ni dubbatama; tamsaasina oduufi haalleen walfakkataniif oola. Haata'u malee, garaagarummaan bifa waalta'aa ta'uufi dhiisuun yaadrimewwan idileefi al-idilee ta'uu waliin wal-hin qabatu yookiin yaada 'gaarii'fi 'yaraa' jedhu ofkeessaa hin qabu. Afaan waalta'e tokko bifoota idilees al-idilees of keessaa ni qaba.

Rakkooleen waaltina afaanii waliin wal-qabatan keessaa inni bu'uuraa afaanota yookiin lugaalee naannoo fudhachuu dadhabuuti. Isa waaltinaaf filatame kana akka afaan durdurii irraa eegalee tureetti barsiisuufi guddisuu kanneen hafan immoo tuffachuu; afaan yookiin bifa waaltinaa sana qofa akka afaan jiraataatti fudhachuunis ni jira. Adeemsi waaltina afaanii ifatti yaalii garaagarummaa afaanii yookiin loqodaa dhabamsiisuuf yookiin hir'isuuf taasifamuudha. Haata'u

malee, garaagarummaan afaanii uumamuun kan jiraatuufi jijjiirama afaaniif sababa ta'uun isaa haqadha. Kanaaf, garaagarummaan afaan tokko keessa jiraachuun dirqama akkasumas barbaachisaadha.

2.3. Kaayyoo Afaan Waaltessuu

Biyyoota adda adddaa keessatti afaan waaltessuun ka'umsaafi sababa garagaraa mataa isaa ta'e haaqabaatuyyuu malee ka'umsoonni baramoo ta'an kanneen asiin gadiiti.

2.3.1. Waliigaltee Salphisuu (To Facilitate Communication)

Waaltinni afaan tokkoo sadarkaa dubbiirraa gara sadarkaa barreeffamaatti akka ce'u taasisuun waliigalteen salphaatti akka gaggeeffamu gama taasisuun gumaacha guddaa qaba. Sababiin isaas, dubbattoonni loqodoota afaan tokkoo karaa waaltina afaan isaanii salphaatti waliigaluu waan danda'aniif jechuudha.

2.3.2. Adeemsa Baruufi Barsiisuu Salphisuuf

Afaan loqodoota hedduu qabu tokko waaltinaa'uun dubbattoota loqodoota adda addaa sana yoo walii hingalchu ta'e afaan sun afaan barnoonni ittiin kennamu ta'uu hindanda'u. Kanaaf, dubbattoota loqodoota afaan tokkoo jidduutti barnoota afaan sanaan hojiirra oolchuuf afaanichi waaltinaa'uun murteessaa ta'a.

2. 4. Barbaachisummaa Afaan Waaltessuu.

Afaan tokko guddatee galma barbaadamurraa gahuuf waalta'uu qaba. Afaan tokko loogaa hedduminaan of keessa yoo qabaate guddina afaanichaarratti rakkoo uumuu danda'a. Misgaanuu Gulummaa (2012, f. 113) Barbaachisummaa waaltina yoo ibsu. "Afaan tokko loogota garaa garaa qabaachuun seeruma afaaniti loogonni afaan tokko keessaa jiran garuu babal'atanii walii galtee dhabamsiisuun loogota garagaratti akka hin fottoqne eeguun barbaachisaadha". Sababni isaas tokkummaafi jaalaalli hawaasa afaanicha dubbatu gidduu jiru akka hin laafne eenyummaa hawaasichaa calaqqisisuuf amantii fi aadaa isaanii gabbisuuf dagaagsuu fi kan kana fakkataniidha.

Kana males yaanni kun wirtuu jildii (9ffaa, f. 194) yoo ibsamu "language standardization necessary for multi lingual country to official recognized or make opportune their language to be standardization or modernized." Akka waraabbii armaan olirraa hubanutti. Afaan waaltessuun biyyoota af-heddee ta'an keessatti qaamni dhimmi ilaalu tokko sirreessuu, waaltessuu fi hammayeessuudhaan fayyadamuudha.

2. 5. Akaakuu Afaan waaltessuu

Akaakuu Afaan waaltessuu Misgaanuu Gulummaa (2012, fuula 15) bakka lamatti qoodeera. "Afaan waaltessuun karaalee lamaan kan geggeeffamu yoo ta'u isaaniis karaa idilee qorannoo saayinsaawaa geggeessuun itti fayyadamuu fi itti karoorfameeti karaa alidileetiin waaltessuun ammoo osoo itti hin yaadin hawaasni afaanichaan walii galu jiruu fi jireenya isaa guyyuu keessatti itti fayyadamuudhaan kan walta'uudha".

Yaaduma kana Girmaa Maammoo wirtuu jildii (9ffaa, fuula 193) yoo ibsu "language standardization generally be classified in to formal and informal whereas formal language standardization is process by which language is or are purposely standardized in formal process by which speech communities consciously standardize their languages or (ibid)".

2.6. Gulantaalee Waaltina Afaanii

Waaltinni afaanii gulantaalee heddu akka of keessaa qabu hayyoonni afaanii 'Nurse'fi 'Haine' jedhaman bal'isanii lafa kaa'aniiru. Gulantaalee kunneen keessaa kanneen bu'uura ta'an: hojiirra oolchuu, kunuunsuufi walsimsiisuudha.

2.6.1. Hojiirra oolchuu

Akka waliigalaatti hojiin afaan waaltineessuu qaamolee hawwaasaa kan akka ogeeyyota xiinqoqaa, xiinqoqa hawwaasumma, barsiisota, artistoota, gaggeessitoota gartuu hawwaasa afaanii haalaan kan qooda keessatti fudhatan yoo ta'u hojiirra oolmaa isaatiif garuu qoonni qopheessitoota imaammata afaanii baay'ee murteessaadha. Hawaasni dhimmichi kallattiin isaan ilaallatus taanaan fedhii guutuun yoo hinsimanne ta'e milkaa'ina hojichaarratti dhiibbaa fiduun isaa waan hinoolle.

2.6.2. Kunuunsuu

Afaan waaltinaa'e tokko akka hojiirra ooluuf erga labsameen booda deeggarsiifi to'annaan gama bakka bu'ootaafi koree akkaadaamii afaaniin taasifamuu qaba. Afaan waaltinaa'ee haala gaariin hojiirra oolmaan isaa eegale tokko hinkunuunfamu taanaan waaltinummaan isaa hafee waliinmorkiin loqodoota afaanichaa jidduutti kan itti fufu ta'uun beekamaadha. Kanaafuu, qaamoleen kunuunsaaf itti gaafatamummaa qaban:

- Qajeelfamoota akkaataa afaan waaltinaa'e sun itti barreeffamu cimsuun danda'amurratti yeroodhaa gara yerootti qopheessuun lakkisuudha.
- Wantoonni barreeffaman hundi, kitaabota garagaraa dabalatee, afaan waaltinaa'e sanaa barreeffamaa jirachuu isaanii hordofuu
- Jechoonni yeroo yerootti uumamanii afaanichatti dabalaman kan dura yad-rimee tokko bakka bu'ee jiru wajjin hiika walfakkaatu qabaatee akka hindhiyaanne hordofuu. Sababiin isaas, yad-rimeen tokko jechoota tokkoo oliin yoo bakka bu'e waaltina afaanichaarratti dhiibbaa ni qabaata.
- Sagantaan Raadiyoo, barjaaleen, galaalchaan adda addaafi waldorggommiin barreessuufi dubbachuu afaan waaltinaa'e sanaan qophaa'ee badhaasa argamsiisu yeroodhaa yerootti dhiyeessuun sammuu hawwaasichaarratti dhiibbaa fiduun toftaa filatamaadha.

2.6.3. Walsimsiisuu Afaanii

Afaan walsimsiisuun waaltina keessatti akka addaatti ilaalama. Sababiin isaas, walsimsiisuun afaanii afaan loqodoota hedduu qaban garuu dubbattoonni isaa haala salphaa ta'een waldhaga'uu hindandeenye, akkasumas seenaan, bakki jireenya dubbattoota afaanichaa kan walhinbeekne bakka ta'etti afaanonni akka tokko ta'an waan taasisuufi. Tokko ta'uun loqodoota kanaa kunis yoo xiqqaate loqoda barreeffamaan ta'uu mala.

2. 7. Sadarkaa Afaan Waaltessuu

Afaan tokko loogota sadarkaalee garagaraa of keessaa qabaachuu danda'a loogonni kunninis looga sadarkaa qubee, jechaa fi dubbii ta'uu danda'a. Loogonni kunis sadarkaalee waaltinaa gara

garaan waalta'uu danda'u. Yaanni kun wituu jildii (3ffaa, fuula 117-129) irratti akka armaan gaditti ibsameera.

Afaan tokko karooraan waalta'a. qaama saba tokkoo keessaa waa'ee waaltinaa beekkumsaa fi muxannoo qabantu waaltessa. Sadarkaa waaltinaa Afaan Oromoo yeroo ammaa kana irraa jiru bakka afuritti qoqqoodamee ilaalama. isaanis looga waaltinaa, qubee waaltinaa, fayyadama qubeefi loogaa babal'isuu fi qubeefi loogni akka fudhatama argatu taasisuudha.

Looga waaltinaa kan jennu afaan tokko karaa looga sadarkaa inni irra jiru kan ittiin madaalamu keessaa jechoota walii galteef gufuu ta'an lakkaawuudha. Jechoonni kunniin jechoota bu'uuraa turaaleyyii ta'uu qabu. Kunis jechoota lakkaawaman harka 100 keessaa 70-75 kan ittin walii galan yoo ta'u afaan sun afaan tokko jedhama.

1) Qubee waaltinaa; Afaan tokko karaa lamaan qubee horata; kunis tolfachuun yookaan liqeeffachuudhaan yeroo filataman kan sagalee ofiif mijaa'u yookaan kan leetoo addunyaa waliin namaa deemu filachuun barbaachisaadha. Wanti guddaan caalatti afaan san kan hin diigne ta'uu qaba.

2) Fayyadama babal'isuu loognii fi qubeewwan filatamaan gufuu malee akka tajaajilaniifi ummata bira gahan deeggarsa gaafata. Maxxansi adda addaa fulleffannoon bahee harka namaa galuu qaba. Maxxansaaleen kanninis muraasni isaanis:

a) galmee jechootaa: maxxansi gosa kanaa barreefamaa fi jechoota waaltessa.

b) Wirtuu: waaltinaa jechoota moggaasaa fi barreefamni waaltinaa maal akka ta'e qabatamaan deebii kennuuf yaaliin godhamu barruulee kanaan iftooma.

c) Galaalchaa fi barjaawwan: waaltinaa afaanitiif maxxansaalee tajaajilan keessaa harki guddaan galaalchaa fi barjaawwandha. Galaalchaa fi barjaawwan guyyaa guyyaan garee hawaasaa garaagaraatiin dubbifamu. Karaa barreeffama jechootafi caasimaan barumsa kennun galaalchaa fi barjaawwan gumaachi isaan waaltina Afaan Oromoo keessatti qaban olaanaadha.

As one form of inscription that has a bearing on linguistic landscape of a particular locality, the term billboard is used to refer to a large outdoor advertising space designed to capture the attention of motorists and pedestrians. It is defined as a term commonly used to describe a type

of outdoor advertising found along major highways (http://www.madehow.com/Volume-5/Billboard). In legal parlance, the term "billboard" is defined as a form of outdoor advertisement whereby public and private advertisements are made with a view to promote sales of goods or services or to publicize name, logo, trademark or objectives (Advertisement Proclamation No.759/2012, cumulative reading of arts. 2(1) & 2(12a)). Accordingly, a billboard is an outdoor inscription placed in public areas for the sake of promotion and publicity (Harid, C. , 1996); http://www.madehow.com/Volume-5/Billboard).

3) Fayyadamaa horachiisuu: Loogonnii fi qubeen ergaa filatamanii booda barruu fi maxxansi waaltinaa fuulleffatan akka tamsa'an godhamu. Sadarkaalee waaltinaa armaan olitti eeraman keessaa fayyadamaa horachiisuuf fayyadamaa babal'isuu kan jedhaman walfakkeenya cimaa kan qaban yoo ta'u garaa garummaas hamma tokko ni qabu.

4) Fayyadamaa horachiisuu kan jennu afaan tokko keessatti jechoota yookaan qubeelee afaanichaa waaltessuudhaf bifa haraaan uumaman kanneen dubbattoota afaanichaa biratti hin beekamne karaalee maxxansaalee gara garaa kanneen akka galmee jechootaa, barjaawwan, galaalchaawwan, kitaabilee fi barruulee gara garaa biroo fayyadamuun ummata bal'aa biraan gahuu dha. Kanaafuu barjaawwan gama jechoota afaan tokko keessatti uumaman fayyadamuun fayyadamaa heddu horachiisuutiin gahee guddaa qabu.

5) Fayyadamaa babal'isuu kan jennu ammoo jechoota afaan tokko keessatti waalteffamanii fi akkasumas jechoota durii kanneen dhaloota ammaa biratti bal'inaan hin beekamne fayyadamuun ummata bal'aadhaaf tamsaasuun akka jechi yookaan qubeen sun dubbattoota afaanichaa hunda bira gahu gochuudha.

Gama kanaan barjaawwan shora ol'aanaa qabu. Jechoota afaanicha keessatti uumaman waalta`aniifii dagataman qabatanii guyyaa guyyaan garee hawaasaa adda addaatiin dubbifamu. Walumaagalatti gaheen barjaaleen waaltinaa afaan tokkoo kessaatti qaban sadarkaalee waaltinaa kanneen keessaatti bal'inaan mul'ata.

> Billboards play a significant role in the economic, social, cultural, and political development of a society due to their placement in public areas and their ability to attract the attention of the public, and this can be realized through their simple, striking, and creative appearance (Advertisement Proclamation No. 759/2012,

Preamble). While they can have positive impact, billboards can also inflict damage on linguistic landscape of the society and become bottlenecks to economic, social, cultural and political development of the country (Bovee, C. and Arens, W., 1989; http://www.madehow.com/Volume-5/Billboard).

2.8. Afaan Kan Waalteessu Eenyu?

Akka muuxannoon biyyootaafi afaanota hedduu agarsiisutti qaamoleen hawwaasaa kamiyyuu waaltina afaan isaanii keessatti gumaacha gama isaanii taasisuu akka danda'an ni amanama. Qaamolee kunneenis:

- Dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa garagaraa
- Ogeeyyota afaanii (linguists)
- Dhaabbilee amantaa
- Abbootii siyaasaa
- Sab-quunnamtiifi namoota sab-quunnamtii
- Barsiisotaafi barattoota
- Dhaabbilee barnootaa
- Daldaltootaa
- Bulchitoota hawwaasaa sadarkaalee garagaraatti argaman
- Namoota dhuunfaa (barreessitootaafi namoota artii)
- Dubbattoota afaanichaa hunda ta'uu danda'u

2.9. Afaan Jireenya Hawaasaa Keessatti

Afaan meeshaa ittiin waliigalan, waliin hojjetan, beekumsa ofii ittiin ibsataniifi kuusanii dhalootaaf dabarsan waan ta'eef; uummata itti fayyadamuuf bu'aa guddaa qaba.Jireenyii fi eenyummaan uummata tokko afaansaatiin ibsama. Aadaafi beekumsi hawaasaa afaansaatiin dhalootarraa gara dhalootaatti tara. Kaayyoo fi jiruu fi jireenyi fuula duraa afaaniin karoorfama. Walumaagalatti, hawaasni tokko jira kan jedhamu yoo afaansaa jiraatedha. Hawaasa hedduu keessatti maqaan hawaasaa fi afaansaa walfakkaatu. Fakkeenyaaf, uummataa Oromoo, yoo jennu Afaan Oromoo jenna. Maqaan keenyas, afaan keenyas Oromoodha.Kana jechuun hawaasaa fi afaansaa addaan baasuun hin danda'amu jechuudha. Eastman (1983, P. 45) dhimma kana haala armaan gadiitiin ibsa:

> Although things like food, land, religion or dress can Symbolize ethnicity language as a prime symbol to begin with is used to enact, celebrate, and call forth all ethnic activities. Language influences the way people See the world and even determines their ideology. It is the determiner of the ethnic identity of individuals and groups.

Yaada hayyuu kanaarraa dhimmoota ijoo ta'an lama hubachuun ni danda'ama. Tokkoffaa, saboonni garaagaraa lama nyaata aadaa gosa tokko qabaachuu, amantii walfakkaatu hordofuu, uffata aadaa walfakkaatu uffachuu ni danda'a. Haa ta'u malee, hawaasni tokko afaan saba biroo kooti jedhee qabaachuu hin danda'u. Lammaffaa, afaan gochaalee fi yaadawwan hawaasaa marti kan ittiin ibsamudha. Gochaalee fi yaadawwan hawaasichaa mara gidduu fi hawaasicha gidduu quunnamtii guddaan waan jiruuf addaan ba'anii ilaalamuus ibsamuus hin danda'anu.Kanaaf, mirga afaansaatiin barachuu sarbuun mirga aadaasaatti fayyadamuu, mirga yaadasaa ibsachuu, mirga jiraachuusaa sarbuudha.Walumaagalatti, mirga uumamaa inni qabu sarbuudha.

Eastman (1983) haala uummanni tokko afaansaa itti ilaaluu fi quunnamtii afaanii fi hawaasa gidduu jiru yoo ibsu akkana jedha.

> Language becomes something to love, something to fight for, something to live for, something to die for, something to safeguard, something to develop, to enrich, a maker of of social class, a reflection of status, and mobility, a factor ofethnic

> identity, a means of unity, an indicator of life style (Clark, L., Zimmer, K. and Tinervia, J. (1994; Eastman, 1983, Pp. 47-49).

Kana jechuun afaan kan jaallatan,kan lolanuuf,kan jiraatanuuf,kan du'anuuf ,kan waardiyyaa dhaabbatanuuf,kan dagaafatanu, kan misoomsatanu, mallattoo hawaasummaa ,calaqqee sadarkaa guddinaa fi sochii, mallattoo eenyummaa, fi agarsiistuu haala jireenyaati. Kanaaf, hawaasni tokko afaansaa hacuucameera yoo ta'e, mirga afaansaatiin barachuu fi afaansaa guddifachuu dhabe jechuun kana mara dhabeera jechuudha.

Afaan mallattoo aadaati. Aadaasaa afaansaatiin kabajata; afaansaatiin ibsata. Afaan meeshaa hawaasni dagaaginaa fi qaroominasaa gara fuula duraatti ittiin tarkaanfachiisudha. Hawaasni tokko afaansaa afaan barreeffamaa ta'uun, jechoota saayinsii fi teekinooloogy qabaachuunsaa, seera barreeffamaa eegee katabuunsaa dagaaginasaa ibsa. Seera afaanii eegee katabamuu dhabuunsaammoo boodatti hafummaasaa qofa osoo hin ta'ain hawaasichi jaalalli afaansaaf qabus baay'ee gad-aanaa ta'uu kan agarsiisudha. Afaansaa seeraan ala osoo hojiirra ooluu callisuun sadarkaa bilchina hawaasichaas ni ibsa jechuudha. Hawaasni sab-boonaan loogasaafiyyuu ni falma. Kanaaf, afaan kan sadarkaan dagaagina hawaasaa ittiin ibsamu jedhama.

Afaan ilaalchisee wanti hanga ammaatti adda ba'ee hin beekamne hedduudha. Faakkeenyaaf, afaanonni hawaasni garaagaraa dubbatan garaagarummaa dandeettii yaaduu akka qabaatan kan dhiibbaa godhu ta'uu fi dhiisuusaallee adda baasanii beekuun hindanda'amne. Randem (2012) yaada kana haala armaan gadiitiin ibsa.

> We haven't yet even gotten into how different languages have the ability to shape different kinds of thinking within the minds of those who speak them... like the naturally linear thought patterns of speakers of Latin-based languages, or the naturally more broad perspective of speakers of Slavic languages, simply because word order has reduced importance in the forming of their sentences... and therefore their thoughts (Ibid 2012, P. 1).

2.10. Miidhaalee Jijjiirama Afaanii

Afaanonni muraasni ni dagaagu; kanneenimmoo ni du'u.Afaan maatiin tokko ittiin waliigaluuf fayyadamaa ture hanga guutumaa guutuutti tokkorraa gara biraatti jijjiiramuu ni danda'a. Afaan akka qaama aadaa hawaasaatti kan jijjiiramaaf saaxilamu waan ta'eef, dhiibbaa hawaasa itti fayyadamurra ga'u ni qooddata. Hawaasni dinagdeen, hawaasummaa fi aadaansaa guddataa fi cimaa deemu, guddinaa fi dagaagina afaansaafis carraa uuma.Hawaasni dinagdeen, jireenya hawaasummaan, aadaan laafaa deemummoo badiinsa afaansaafis daandii banaa deema.Afaan hawaasa tokkoo badaa yoo deemu ykn yoo du'u, miidhaalee hedduutu hawaasicharras ga'a.

2.10.1. Ambaalee Bara Dheeraatu Badu

Diamond (1993) xiyyeeffannoo hawaasni afaan keenyaaf kennuu qabnu yoo ibsu akkana jedha. Afaan keenyaa fi aadaa keenya gidduu quunnamtii guddaan waan jiruuf, marti keenya carraa afaan keenyaatiif xiyyeeffannoo olaanaa kennuu qabna. Afaan keenyaaf kunuunsa yoo hin goonu ta'e, sagaleenii fi caasaansaa badaa deema; hubannoon aadaa keenyarratti qabus ni bada. Sababnisaas, hubannoon, amantiin, hog-barruun keenya kan barreeffame ta'e kan hin barreeffamnes afaan keenyaan kan walqabate waan ta'eefi. Afaan kuusaa aadaa, beekumsa fi muuxannoo hawaasaa kan bara dheeraati. Kana malees, meeshaa aadaan, beekumsii fi muuxannoon bara dheeraa kun ittiin dabrudha. Afaan ofii baduun ykn jijjiiramuun mammaaksi, sheekoon, ragadni, hibboon, faaruun hawaasni tokko bara dheeraaf kuusatebaduu ykn jijjiiramuudha. Aadaa Oromoo, fedhii uummatichaa, ilaalchasaa, duudhaasaa, gaddaa fi gammachuusaa Afaan Oromoo Caalaa kan sirriitti ibsu hin jiru.

2.10.2. Hawaasni Afaansaa Jijjiirame Ofitti Amantaa Dhaba

Diamond aadaa fi afaan hawaasa tokkoo jijjiiramuun adaa fi afaansaa barbadaa'uudha jechuun ibsa.Hawaasni aadaa fi afaansaa gadaanaa ta'uun waggoota dheeraaf itti ololamaa jiraate gara amanee fudhachuutti deema. Ofitti amantaan hawaasaa haala kanaan miidhamaa deemuun doofummaa, hoji-dhablummaan fi hiyyummaa hawaasichaatiif sababa ta'a. Ofitti amantaansaanii ol aanaa yoo ta'e garuu, hawaasichi hiyyeessa ta'us suuta suutaan bu'aan inni buusus cimaa deema.

2.10.3. Aadaa fi Duudhaa Hawaasaatu Bada

Akka Kulick (1994) ibsutti, haalli hawaasni afaansaatti fayyadamee eenyummaasaa itti ibsatu jijjiirama afaaniif sababa ta'uu akka danda'u ibsa.Hawaasni afaansaatti fayyadamee eenyummaa fi aadaa fi duudhaasaa dagaagina afaansaa yoo saffisiisu, hawaasni aadaa, duudhaa fi eenyummaasaa ibsachuu saalfatummoo badiinsa afaansaa saffisiisa.Afaan ibsituu eenyummaa isa bu'uuraati. Quunnamtiin nama tokkoo fi afaansaa gidduu jiru quunnamtii namichaa fi saba afaanicha dubbatu gidduu jiru kan ibsudha. Quunamtiin nama tokkoo fi saba afaan inni keessatti dhalate gidduu jirummoo fudhatama namni sun hawaasicha biratti qabu kan ibsudha. Eenyumma ofiitti saalfachuunhawaasa biratti fudhatama nama dhabsiisa. Hawaasa biratti fudhatama dhabuunimmoo afaan ofii nama jibbisiisuu fi afaan jijjiirrachuutti nama geessa.

2.10.4. Barreeffamarra Ooluu Dhabuu

Afaan tokko barreeffamuunsaa faayidaa inni qabu babal'suudhaan, barreeffamnisaa gabaa akka argatu gochuun barbaachisummaansaa akka dabalu taasisa. Mackey (1989) akka ibsutti afaan barreeffamarra hin oolle, meeshaalee quunnamtii uummataatti fayyadamuun, filmii teeppii fi viidiyoo fayyadamuun badiinsarraa dandamachuu ni danda'a. Fakkeenyaaf, uummanni Hindii harka sadii keessaa harki lama doofaadha. Haa ta'u malee, warshaan filmiin cimaan waan jiruuf, Afaan Hindii cimaa ta'ee jiraachuu danda'eera.

Afaan faayida-qabeessummaansaa cimee jijjiirama dandamatee jiraachuu kan danda'u yoo kuufama barreeffamaa dubbifamu kanneen akka kitaabolee, gaazexootaa fi barruulee qabaatedha. Mackey (1989) akka ibsutti, afaan tokko sirna barreeffamaa qabaachuunsaa bu'aa inn qaroomina ykn beekumsa dabarsuuf qabu qofaan kan madaalamu miti. Haalli barreeffamasaas, haala hog-barruun hawaasichaa itti ibsamu kan bu'uura godhate ta'uu qaba.

2.10.5. Akkaataa Sirna Barreeffamaa

Sirni barreeffamaa afaanichi afaan beekumsaa ta'uu ibsa. Afaanichi afaan qaroominaa ta'uunimmoo aadaa fi afaan hawaasichaa barbaachisaa ta'uu kan ibsudha. Mootummaan seera barreeffamaa waaltessuun, qubee waaltawaa uumuufiin, galmee jechootaa, seera afaanii fi jechootallee waaltessuun dagaagina afaanii saffisiisuu ni danda'a. Akka Spencer (1992) ibsutti,

seerri barreeffamichaa fudhatama dhabuun ykn seeraan hojiirra ooluu dhabuunimmoo dagaagina afaanichaa quucarsa.

2.11. Karooraa fi Imaammata Afaanii

Karoorrii fi imaammanni afaanii kallattii afaan tokko irra adeemu ni murteessa. Karoorrii fi imaammanni afaanii biyya tokko afaanota maraaf carraa guddachuu ni uuma yoo ta'e afaanonni biyyattii keessa jiran martinuu ni dagaagu. Afaan tokko yookaan afaanota muraasaaf carraa guddachuu kenna yoo ta'e garuu, kanneenuma carraa argatanitu guddata; kanneenimmoo baduullee ni danda'u. Karoorsitoonni afaanii afaan hojii biyyoolessaa yookaan afaan hojii naannoo filachuu, sirna barreeffama afaanii dagaagsuu ykn uumuu, galmee jechootaa qopheessuu, kitaabolee seer-lugaa fi barnootaa qopheessuu, haalaa barnootaa miseensa hawaasaa maraaf barachuuf mijaawu uumuu, waaltina, qaroominaa fi afaanonni jechoota teekinooloojii ibsuuf fayyadan akka uummatatan gochuurratti hirmaatu (Pousada, 1996). Hojiin karoorsitoota afaaniimmoo hojii karoorsitoota barumsaatiin walqabata. Sababnisaas, maanaajmantiin afaanii kan hojiirra oolu daangaa barnoota idilee keessatti waan ta'eefidha. Kanaaf, karoorsitoonni afaan dagaagina afaan tokkoof haala mijaawaa uumuu akkuma danda'anu, badiinsasa ykn quucaruusaatiifis sababa ta'uu ni danda'u. Bu'aansaanii gaariis ta'e gadhee biyyi tokko karooraa fi imaammata afaanii qabaachuu qabdi.

2.12. Seenaa Barreeffama Afaan Oromoo

Bara 1970 dura Afaan Oromoo barreessuun kan danda'amu qubee Afaan Gi'iizii yookaan qubee Afaan Arabaa qofa fayyadamuun akka ta'e ibsu (Gadaa, 1988; Gragg, 1976). Haata'u malee, jalqaba 1970 Addi Bilisummaa Oromoo qubeen Laatinii Afaan Oromoo barreessuuf akka oolu filate (Tilahun, 1992; Mohammed, 2010). Bara 1974-1991 Afaan Oromoo qubee Gi'iiziitiin akka barreeffamuufi tajaajila walqunnamtiif oolu, sirni abbaa irree murteessee ture (Gragg, 1976; Mohammed, 2010). Haaluma kanaan, Sadaasa 3,1991 walga'ii beektota Oromoo, Adda Bilisummaa Oromoon adeemsifameen qubeen Laatinii madaqfamee akka hojiirra oolu murtaa'e (Samuel, 2010).

Walumaagalatti, Afaan Oromoo barreessuuf qubeewwan Laatinii, Gi'iiziifi Arabaa tajaajilaa turaniiru. Yaada kana Gadaa (1988, p. 9) akkas jechuun ibsa,

> “Several works have been in Oromiffa using Roman, Sabean and Arabic scripts. Printed materials in Oromiffa include the bible, religious and non-religious songs, dictionaries, short stories, proverbs, poems, school books, grammar, etc.”

Yaada kanarraa barreeffamoonni Afaan Oromoo afaanota sadeen ibsamaniin dhiyaataa turuu hubanna.

Kanamalees, qubee Sheek Bakrii Saphaloo uumanis Afaan Oromoo barreessuuf kan oolan keessaa arfaffaadha. Ibsa arfan isaanii bifa armaan gadiitiin haalaallu. Sheek Bakrii Saphaloo yookiin Sheek Abubakar Usmaan Odaa jedhamee kan beekamu, waloofi dursaa (scholar) amantii ture (Mohammed, 2010). Innis, birsagarratti kan hundaa’e dubbifamaa jabeessuufi dubbachiistuu dheeressuu kan ibsu uume (Samuel, 2010; Haywardfi warra biroo, 1981) wabeffatee akka ibsetti. Haata’u malee, Gadaa (1988) birsageessuu sanaafi hanqina isaa ibsee jira. Innis, unkaan adda adda haata’an malee mallattoo qubeewwan Afaan Gi’iizii hordofaniin tokko ture. Qubeewwan isaa Afaan Oromoo barreessuuf rakkoo haaqabaataniyyuu malee, 1950 dura Oromiyaa bahaatti hojiin isaa uummata biratti fudhatama guddaa argatee akka ture ibsama (Mohammed, 2010).

Inni lammaffaa, hojii Oneesmos Nasiibidha. Onesmoos Nasiib (Abbaan Gammachiis) bara 1885-1898 waggoota 13 gidduutti kitaabota 7 gara Afaan Oromootti jijjiiruu isaati. Isaan keessaa 2 Asteer Gannoo kan jedhamtu waliin akka barreesse ibsama (Mohammed, isuma). Kan biroon, Kitaaba Qulqulluu dhuma jaarraa 18ffaa keessa yookiin bara 1899 qubee Saabaa fayyadamuun gara Afaan Oromootti hiike (Graag, 1976). Kun, seenaa barreeffama Afaan Oromoo keessatti iddoo guddaa qaba.

Sadaffaan, hojii Sheek Mohaammad Rashiid Abdulleeti. Innis, jaarraa 18ffaa keessa qubee Afaan Arabaa fayyadamuun Quraanaafi kitaabuma amantaa musilimaa kan biroo gara Afaan Oromootti jijjiiree ture (Samuel, 2010).

Inni arfaffaan, madaqfamuu qubee Laatiniiti. Inni kun yeroo ammaa Afaan Oromoo ittiin barreessuuf beekkamtii argatee tajaajila kennaa kan jirudha. Madaqfamuun qubee Laatinii gama xinqooqaatiin, gama barumsaafi sababa hojiirra oolmaa isaatiif fudhatama guddaa argachuu danda'aeera.

Sababa madaqfamuun qubee Laatinii gama xinqooqaatiin fudhatama qabaateef keessaa tokko, qubeewwan dubbifamaafi dubbachiistuun addaan ba'anii jiraachuudha. Qubee saabaa yoo ilaalle garuu qubee dubbifamaafi dubbachiistuu addaan baasee hinkaa'u (Tilahun, 1988). Sababni biroon heeddummachuu qubeewwan saabaati. Kunis, mallattoolee naannoo 250 ta'an gara Afaan Oromootti madaqsuun rakkisaa akka ta'e ibsa (Gadaa, 1988). Kanamalees, dubbachiistuu dheeressuufi dubbifamaa gabaabsuuf rakkoo qabaachuunsaa waan ifa jirudha. Dabalataan, qubee dhootuu mallattoon ittiin bakka buusan dhibuun rakkoo biroo akka tures niheera. Haaluma wal-fakkaatuun, (Mohammed, 2010, p. 146) sababoota kanniin deeggaruun akka itti aanutti dhiheessa.

> The Ethiopic script has three major shortcomings when used for the Oromo language. First, the script has only seven vowels as opposed to ten vowels of the Oromo language. What is more, vowels of the Ethiopic script do not have sound representation for the Oromo language. Second, there is a difference in consonants and glottal stops. Finally, there is the problem of germination.

Gabaabumatti, sababoonni dhiyaatan kunniin hanqina qubee Saabaa kan mul'isanidha. Kanaafuu, madaqfamuun qubee Laatinii barbaaachisaa ta'uu mirkaneessu.

Sababni lammataa, faayidaa qubee Laatinii madaqsuu, baratamuu ilaallata. Kunis, qubeewwan muraasa barachuu, hubachuufi fayyadamuun salphaa ta'uudha. Qubeewwan 32n jiranitti dabalataan namni Afaan Oromoo baru tokko qajeelfamoota muraasa beekuu qaba. Kunis, waa'ee duraa duuba dubbachiistotaafi dubbifamtootaa, tajaajila qubee dachaafaadha (Tilahun, 1992). Sadarkaa jalqabaatti odeeffannoo kana qofa argachuun barbaachisaadha. Achiin booda, namni Afaan Oromoo baratu sun barreeffamoota Afaan Oromootiin qophaa'an dubbisuuf gahumsa niqabaata.

Sababni sadaffaan, tajaajilarra oolmaa isaati. Qubeen Laatinii sadarkaa ol-aanaatti tajaajila kennaa jira. Fakkeenyaaf, barataan qubee Afaan Oromoo beeku tokko qubee Afaan Ingilizii yeroo gabaabaa keessatti barachuu danda'a. Gama birootiin, tajaajila takinooloojii kompiitaraa keessatti dhimma ba'uuf salphaa ta'uu hubanna (Askale, 1998; Samuel, 2010). Mohammed (2010, p. 163) yaada kana deeggaruun faayidaa filatamuu qubee Laatinii Afaan Oromootiif akkanatti ibsa,

> “The choice of the latin alphabet not only facilitates the teaching learning process, and guarantees the steady growth of the language, but also contributes to the psychological liberation of the Oromo people.”

Walumaagalatti, qubeen Laatinii Afaan Oromootiif madaqfamee tajaajila kennuun isaa gama xinqooqaatiin, gama barumsaatiinis ta’e gama hojiirra oolmaa isaatiin bu’aa ol-aanaa kan qabu ta’uu nutti mul’isa.

2.13. Afaan Oromootiin Barreessuu

Yeroo ammaa Afaan Oromoo afaanota qubee Laatinii fayyadamuun barreeffaman keessaa tokkodha. Qubee Laatinii gara Afaan Oromootti madaqsanii gargaaramuurratti jijjiiramni mul’atan nijiru. Isaanis, sagalee hudhaa /’/ dabaluu, jijjiirama sagaleessuu qubeewwan /c/, /q/fi /x/, sagaleewwan dhootuu, laagaa [c], harsassee [k]fi irga [t] bakka bu’anii jiru. Jijjiiramni kan biroon qubeewwan dachaa fayyadamuudha. Isaanis, /ch/, /dh/, /ny/, /sh/fi /ph/ dha. Kunis, sagaleewwan laagee rigduu [ch], irgee dhowaa [dh], laagee funyee [ny], laagee lootuu [sh], hidhlamee dhootuu [ph] kanneen bakka bu’aniidha. Kanumaan walqabatee, jijjiiramni jiru bakka barbaachisutti dubbachiisaa dheeressuufi gabaabsuu akkasumas dubbifamaa laaffisuufi jabeessuudha (Samuel, 2010).

BOQONNAA SADII: MALLEEN QORANNICHAA

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Saxaxni qorannoo tokkoo bu'uura adeemsa qorannoo tokkoo kaa'uuf kaayyoo qorannichaa irratti hundaa'uun filatama. Kanaafuu, qorataan kaayyoo qorannoo isaarratti hundaa'ee saxaxa qorannoo isaa murteessuu qaba. Yaada kanas, Bhandarkar fi Wilkinson (2015, f.101) akka ibsanitti, "research designs differ depending on the research purpose just as the plan of a building would depended upon the purpose for which it is intended to be used" jedhu.

3.2. Mala Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala dogongora barreeffamoota Afaan Oromoo beeksisoota barjaawwan magaalaa Aggaaroorratti mul'atanii geggeessuun akaakuu dogoggoraafi dhiibbaa waaltina Afaan Oromoof qabu kan qorateedha. Kana gochuufimmoo, qorattuun mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) fayyadamte. Sababnisaa, qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiika kan argate waan ta'eefidha. Kanarratti, Abiyyiifi kaawwan (2009, f. 36) yoo ibsan, "Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis," jedhu. Dabalataan, Dastaa (2002, f. 20) "Qorannoon mala kanaan (akkamtaan) geggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin yookaan mala ibsaatiin dhiheessa," jedha. Qorannoo kana keessattis maluma kanattitu dhimma bahame. Haa ta'u malee garuu akaakuu dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa madda ragaalee barreeffamaa ta'anii mala qorannoo ammamtaa fayyadamuudhaan ragaalaaleen qorannichaaf barbaachisan kan walitti qabamaniidha. Gama birootiin, qorannoo kana keessatti odeeffannoon argame gadifageenyaan ragaan deeggaramee kan xiinxalame waan ta'eefidha.

Addunyaa (2011, f. 12) yaada kana yoo cimsu, "Ciminni qorannoo kanaa (akkamtaa) gaaffiiwwan akkamitti? maaliif? jedhan kaasuun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna waan qabuuf, amanuufi hubannoo bal'isuuf haala mijeessuu isaati," jedha. Yaada kanarraa malli kun gadifageenyaan xiinxaluurratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uusaa kan nuhubachiisuudha.

3. 3. Madda Odeeffannoo Qorannichaa

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda tokkoffaafi lammaffaati. Maddi tokkoffaa odeeffannoo qorannichaa beeksisoota barjaawwan magaalaa Aggaaroorratti mul'atanii. Maddi lammaffaa ragaalee qorannoo kanaa namoota beeksisoota barjaaleerraa barreessuurratti bobba'an, waajjira Aadaafi Turiizimii Magaalaa Aggaaroo keessaa ogeessa dhimmi kun ilaallatuudha.

3. 4. Iddattoo Qorannichaa

Gosa qorannoo qulqulleeffataa keessatti baay'inaan haalota, gochoota, yookiin dhimmoota ibsuurratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa bakka guddaa akka hinqabne Kumar (2005, f. 165) akkanatti ibsa, "In qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon, or issue."

Qorattuun qorannoo kana geggeessuu keessatti gosti iddatteessuu dhimmatti baate gosa iddatteessuu keessaa mit-carraadha. Kun kan ta'eef, irraawwatama filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneefidha. Kana ilaalchisee Kothari (2010, f. 59) akkanatti ibsa, "Non probability sampling is that sampling procedure which does not afford any bases for estimating the probability that each item in the population has of being included in the sample." Kanaafuu, gosa iddatteessuu mit-carraa keessatti, qorattuun ta'e jettee carraadhaan ala ofiisheetii iddattoo kan filatteedha. Dabalataan, iddatteessuun mit-carraa yeroo baay'inni jamaa hinbeekamne yookiin tokkoo tokkoon addaan baasuufis rakkisaa ta'u kan fayyadamnu ta'uu Kumar (2005, f. 177) akkanatti dhiheessa, "Non probability sampling designs are used when the number of elements in a population is either unknown or cannot be individually identified."

Kanumaan wal-qabatee, qorattuun gosa iddatteessuu mit-carraa kana keessaammoo gosa tokko kan ta'e iddatteessuu akkayyootti (purpossive sampling) fayyadamte. Sababnisaa, iddattoon filataman qabiyyee qorannichaafi kaayyoo qorattuurratti waan hundaa'aniifidha. "Akkayyoo kan jedhames 'akka kaayyoo' qorannichaatti odeeffataa yookaan namoota odeeffannoo kennan filachuu waan ta'eefi," (Addunyaa, 2011, f. 67). Yaada kana cimsuun Sarantakos (2005, f. 164) akkanatti ibsa, "In this (purpossive sampling) technique the researchers purposely choose

subjects who in their opinion, are relevant to the project. The choice of respondents is guided by the judgment of the investigator." Yaada kanarraa, qorataan/ttuun tokko odeeffannoo kennitoota dhimma sana itti dhiheenyaan nibeeku jedhee itti amanu ofiin murteessee kan filatu ta'uu hubanna.

Yaada kana Jupp (2006) akka armaan gadiitti ibsa, Purposive sampling is a form of non-probability sampling in which decisions concerning the individuals to be included in the sample are taken by the researcher, based up on a variety of criteria which may include specialist knowledge of the research issues or capacity and willingness to participate in the research.

Yaada kanarraas iddatteessuun akkayyoo gosa iddatteessuu mit-carraa keessaa tokko akka ta'eefi kanneen qorannicharratti hirmaachuu qaban qabiyyee garaagaraarratti fakkeenyaaf, dhimmicha beekuurratti, gahumsaafi fedhiin hirmaachuurratti hundaa'uun qoratichaan kan murtaa'an ta'uusaa nu hubachiisa.

Gamabirootiin, baay'ina iddattoo ilaalchisee qorannoo qulqulleeffataa keessatti xiyyeeffannaa ijoon haala, dhimma, adeemsa yookiin raawwii ibsuu waan ta'eef, barbaachisummaan isaa xiqqaa ta'uu Kumar (2005, f. 181) akkanatti ibsa, "In qualitative research, as the main focus is to explore or describe a situation, issue, process or phenomenon, the question of sample size is less important." Kanaafuu, gosa qorannoo kanaa keessatti baay'ina iddattoo murteessuun barbaachisaa yookaan dirqama akka hintaane hubanna. Kanaafuu, qorannoo kanarratti qorattuun gosa iddatteessuu keessaa mit-carraafi achi jalattimmoo iddatteessuu akkayyootti dhimma ba'uun odeeffannoo qorannoo kanaaf barbaachisu sassaabbatte.

Haaluma kanaan, milkaayina kaayyoo qorannoo kanaatiif odeeffannoon kan irraa funaanamu beeksisoota barjaawwan magaalaa Aggaaroo jiranirraati. Gamabirootiin, odeeffannoo argaman cimsuuf, Waajjira Aadaafi Turiizimii Magaalaa Aggaaroo keessa jiran keessaa hoggantootaa fi ogeessota dhimmichi ilaallatu namoota tokko tokkoofi ogeessota magaalicha keessatti beeksisa barjaawwanirraa barreessan nama lama, manneen daldalaa dhuunfaa, manneen maxxansaa magaalattii keessatti argaman gaafannoon afaanii kan dhiyaatuuf ta'a. Kunis, muuxannoo barreessitoonni beeksisaa sun hojii sanarratti qaban bu'uureffachuun iddatteessuu darbaa dabarsaafi iddatteessuu akkayyootti (snowball sampling and purpossive sampling) fayyadamuudhaan filatama. Iddatteessuun darbaa dabarsaa adeemsa walitti hidhatiinsa qabuun

iddattoo filachuu ta'uu Kumar (2005, f. 179) yoo ibsu "Snowball Sampling is the process of selecting a sample using a networks," jedha. Kanumaan wal-qabsiisee, malli iddatteessuu kun waa'ee iddattoo odeeffannoo irraa guurrannuu yoo baay'inaan hinbeekne yookiin iddattoo muraasa qofa qunnamuu yoo barbaanne, kan itti fayyadamnu ta'uusaa ibsa. Kanaafuu, qorattuun odeeffannoo kennitoota kana sababa hinbeekneef; akkasumas, iddattoo muraasa waan fayyadamuuf, gosa iddatteessuu kanatti dhimma baate.

3.5. Meeshaalee Odeeffannoon Ittiin Guuramu

Odeeffannoon barreeffamoota magaalaa keessa jiranii dirreetti (magaalaa) keessatti bobba'uun sassaabame. Odeeffannoon saassaabames tooftaa qorannoo qulqullinaatiin xiinxalame. Yaada barreessitootaa, abbootii qabeenyaa fi hogganaa/tuu waajjiraalee hubachuuf odeeffannoon gargaarus bifa gaaffii fi deebiitiin kan geggeeffamee dha.

3.5.1. **Daawwannaa**

Daawwannaan meeshaalee odeeffannoo jalqabaa funaanuuf oolan keessaa tokko akka ta'eefi karaa gochaa tokko ittiin daawwachuun yookiin dhaggeeffachuun odeeffannoo funaannu ta'uu Kumar (isuma) yoo ibsu "Observation is one way to collect primary data. (It) is a purposeful, systematic and selective way of watching to phenomenon as it takes place," jedha. Kanaafuu, meeshaa kanatti fayyadamuun qorattuun beeksisoota barjaawwan magaalaa Aggaaroo keessatti daandiiwwan gurguddoorratti argaman daawwachuudhaan odeeffannoo barbaachisu sassaabbatte. Yeroo daawwattes yaadannoo barbaachisaa ta'e qabachuudhaan; akkasumas, suuraa kaasuudhaan ragaaleen barbaachisoo ta'an qabatmaatti walitti qabaman.

3.5.2. **Af-gaaffii**

Af-gaaffiin namoonni lama yookiin isaa ol walitti dhufuun yaada sammuudhaa qaban tokkorratti kan waliin dubbatan ta'uu Kumar (2005, f. 123) yoo ibsu "Any person-to-person interaction between two or more individuals with specific purpose in mind is called an interview," jedha. Kanumaan walqabsiisee, Kothari (2010) meeshaan odeeffannoo funaanuu kun gaaffii afaaniin dhiheessuufi afaaniin deebii kennuurratti kan hundaa'eefi caalmaadhaan qorannoo gadi fageenya barbaaduuf kan oolu ta'uusaa ibsa.

Haaluma kanaan, qorattuun af-gaaffii caaseffamaarratti hundaa'uun gaaffilee dursa qopheeffachuudhaan, jechoota wal-fakkaataafi duraa duuba wal-fakkaataadhaan odeeffannoo kennitootaaf dhiheessuudhaan odeeffannoo barbaachisu sassaabbatte. Kana ilaalchisee, Kumar (2005, f. 126) haala kanaan ibsa "In a structured interview the researcher asks a pre-determined set of questions, using the same wording and order of questions as specified in the interview schedule."

Walumaagalatti, meeshaan kun kan namoota dhimmichi ilaallatuuf qoratichi eenyummaa fi kaayyoo ofii ibsuun odeeffannoo irraa funaannatte. Kanaafuu, meeshaa funaansa odeeffannoo kanatti gargaaramuun qoratichi gaaffilee daanga'oofi banaa qopheessuudhaan odeeffannoowwan barbaachisoo ta'an waliti qabaman.

3. 6. Tartiiba Odeeffannoon Ittiin Sassaabamu

Odeeffannoon qorannoo kanaaf sassaabame marsaa lamaan kan geggeeffameedha. Jalqaba ragaalee barreeffamaatu magaalaa keessaatti bobba'uun barreeffamaafi suuraadhaan sassaabame. Itti aansuun, itti gaafatamaa/tuu waajjira Aadaafi Tuuriizimii, abbootii qabeenyaa barreeffamoota barreessifatanii fi namoota barreessan waliin gaaffii fi deebiin geggeeffame.

3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti qorattuun odeeffannoowwan af-gaaffiinis ta'ee daawwannaadhaan argaman fakkeenyaafi ragaa (suuraa) qabatamaadhaan deeggeruun walkeessa nyaachisuudhaan kan qaacceessiteedha. Dhumarrattis odeeffannoowwan guuraman malleen safarataafi qulqulleeffataatiin hiikamanii akkaataa kaayyoo fi gaaffilee bu'uuraa qorannichaatiin qaaccessuudhaan argannoo barbaachisaarra akka ga'amu kan taasifameedha.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSAAFI HIIKA RAGAALEE

4.1. Tooftaalee Xiinxala (Qaaccessa) Ragaalee

Boqonnaan kun, dhiyeessi, xiinxallii fi hiikni ragaalee barreeffama beeksisaa, maqaa dhaabbilee daldalaa dhuunfaa fi dhaabbilee yookaan waajjiraalee mootummaa bobbaa dirreetiin sassaabamanii fi gaaffii fi deebiin sassaabame kan keessatti dhiyaatuudha. Haaluma kanaan tooftaa xiinxala ragaalee qulqullinaa of keessatti kan haammateedha. Magaalaa Aggaaroo keessatti barreeffamoota sassaabaman keessatti dogoggoroonni mul'atan akaakuu akaakuutti qoodamanii qaaccessaman. Ragaaleen qulqullinaa gaaffiifi deebii qaamolee dhimmichi ilaalu sadan ogeessa Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii, Abbootii Qabeenyaa fi barreessitoota barjaalee waliin geggeeffameen sassaabaman ragaalee barreeffamaarraa argaman deeggaruuf kan fayyaduudha.

Odeeffannoon dirreetti bobba'uunis ta'e gaaffii fi deebiin guuraman marti haxa qulqullinaatti fayyadamuun qaaccessaman. Jalqaba odeeffannoo barreeffamaatu haala dogoggorasaaniin garee gareetti qoodamanii sadarkaa rakkoon barreeffama Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessatti yeroo ammaa kana irratti argamu hubachuuf qaaccessaman.Itti aansuun odeeffannoo gaaffiifi deebiidhaan sassaabamanitu dogoggoroota barreeffama qaaccessuun adda ba'anii beekamaniin walcina qabamanii qaaccessaman.

4.2. Xiinxala Ragaalee Odeeffannoo Barreeffamaa

Ragaaleen dirreerraa sassaabaman barreeffamoota beeksisaa, maqaalee dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa magaalaa Aggaaroo keessaa guuraman kan ilaaluudha. Akaakuun dhaabbilee akka madda odeeffannootti gargaaranii fi baay'innisaanii gabatee armaan gadii keessatti ibsamaniiru.

Gabatee 1: Akaakuu Dhaabbilee Madda Odeeffannoo Barreeffamaa

Lakk.	Dhaabbilee Mootummaa/Dhuunfaa	Baayina	
		Lakkoofsaan	Dhibbeentaan
1	Kilinika yookaan Manneen Qorichaa	3	7.14%
2	Hooteela	3	7.14%
3	Kaafteeriyaa	2	4.76%
4	Manneen Miidhaginaa	2	4.76%
5	Waajjiraalee Mootummaa fi Dhaabbilee Garagaraa	7	16.67%
6	Dhaabbilee Daldalaa kanneen biroo	25	59.53%
	Ida'ama	**42**	**100%**

Haala dogoggoraa barreeffamoota Magaalaa Aggaaroo qorachuuf magaalattii keessatti kallattii afuriin bobba'uun ragaaleen sassaaabamaniiru. Barreeffamoota dogoggora qaban qofa osoo hin ta'in maqaalee dhaabbilee dhuunfaa fi dhaabbilee mootummaa fi mit-mootummaa kallattiiwwan kunneen arfanirratti argamaniraa odeeffannoon barbaachisu sassaabameera. Haala kanaan ragaaleen barreeffamaa 42 kan sassaabaman yoo ta'u, kanneen keessaa 3 (7.14%) maqaalee dhaabbilee fayyaa, 3 (7.14%) maqaalee Hoteelaa, 2 (4.76%) maqaalee manneen miidhaginaa, 7 (16.67%) waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa yammuu ta'an 25 (59.53%) immoo dhaabbilee daldalaa kanneen biroorrattiidha. Barreeffamoota 42 haala kanaan sassaabaman keessaa kanneen dogoggora qabanii fi kanneen dogoggorarraa bilisa ta'an jechuun mata-duree lama jalatti qooduuf yaaliin godhameera. Haa ta'u malee kan dogoggora hinqabne tokkollee argachuu hin dandeenye. Kana jechuun, 42 (100%) dogoggora gosa adda addaa of keessaa qabu jechuudha.

4.2.1. Gosoota Dogoggora Bareeffamootaa

Gosoota dogoggoraa barreeffamoota kunneen keessatti mul'atan bifa lamaan ilaaluun ni danda'ama. Isaanis dogoggora qubee fi dogoggora hiikaa ta'uu danda'u. Haala kanaan qooduun kan barbaachiseef, Afaan Oromoo keessatti dogoggorri qubee heddumminaan dogoggoraa hiikaatiif sababa ta'uu yoo danda'u, dogoggorri hiikaa marti dogoggora qubeerraa kan maddu waan hin taaneefi. Kanaaf, jalqaba, dogoggora qubee, itti aansuun dogoggora hiikaa sababa

dogoggora qubeetiin uumaman ilaaluun gara dogoggora jechootaafi hiikaa kanneen birootti taruun barbaachisaadha. Dogoggorri qubee heddumminaan mul'atan dheerina fi gabaabina qubee dubbachiiftuu, jabinaa fi laafina qubee dubbifamaa, akkasumas irra butaafi hudhaa waliin kan walqabateedha.

4.2.1.1. Dogoggora Qubee

Barreeffama Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessaa sassaabaman keessatti, dogoggora qubee mul'atan bifa adda addaatiin ilaaluun ni danda'ama. Bifoota dogoggoraa kunneen keessaa dogoggorri jabinaa fi laafinaa, dogoggorri dheerinaa fi gabaabinaa, dogoggorri hudhaa, dogoggorri irra butaa kanneen bu'uura ta'aniidha. Gosoota dogoggoraa kanas haala armaan gadiitiin dhiyaataniiru.

A. Dogoggora Dheerinaa fi Gabaabinaa

Afaan Oromoo keessatti gabaabinaa fi dheerinni sagaalee (qubee) hiika jechootaa jijjiiruun ergaa dabarsurratti dhiibbaa kan geessisu ta'uun ni beekama. Jechi Afaan Oromoo tokko sababa dogoggora dheerinaa fi gabaabinaatiin hiika jijjiirachuu yookaan hiika-dhabeessa ta'uu ni danda'a. Fakkeenyaaf, jechoota armaan gadii yoo ilaalle sababa dogoggora gabaabinaatiin ergaa dabarsuuf barbaadame osoo hin ta'in ergaa hin barbaadamne kan dabarsanuudha.

Gabatee 2: Gabatee dogoggora dheerinaafi gabaabinaa agarsiisu

Lakk.	Dogoggora Sassaabame	Sirriitti Yoo Barreeffamu
1	Mana **Damma** Boonaa	Mana Dammaa Boonaa
2	Mana **Nyaata** Masarat	Mana Nyaataa Masarat
3	Mana **Nyataa** Zabiib	Mana Nyaataa Zabiib
4	Lootarii **Biyyolessaa**	Lootarii Biyyoolessaa
5	**Bufata** Fayyaa	Buufata Fayyaa
6	Mana **Kophe**	Mana Kophee
7	Baga Nagaan **Dhuftaan**	Baga Nagaan Dhuftan
8	Biyya **jalala**	Biyya jaalalaa
9	Mana **huccu**	Mana huccuu
11	Restoraantii **Mimmi**	Restoraantii Miimmii

12	**Hoteelaa** Fayyaa	Hoteela Fayyaa
13	**Bulchinsa** Aanaa Gommaa	Bulchiinsa Aanaa Gommaa
14	**Magaala** Aggaaroo	Magaalaa Aggaaroo
15	**Ummata** Oromoo	Uummata Oromoo
16	**Midhaan** daa'immanirra ga'u haa dhaabbatu	Miidhaan daa'immanirra ga'u haa dhaabbatu
17	Mana **Miidhagina** Raahmet	Mana Miidhaginaa Raahmet

Fakkeenya olitti kenname keessatti jechoonni cuunqa'anii barreeffaman waan gabaabbatan barreeffamaniif ergaan dabruuf barbaadame hiiknisaan jijjiirameera. Ergaan dabarsanus gaditti ibsameera.

1. Mana dammi qabeenya Boonaa ta'e keesaa jiru.
2. Mana Masarat nyaatasaa keessa kaawwatu yookaan keessatti nyaatu.
3. Soorata daa'immanii
4. Raahmet miidhagaa ta'uusaa

B. Dogoggora Jabinaa fi Laafinaa Qubee Afaan Oromoo

Jechoonni Afaan Oromoo hedduun sababa dogoggora jabinaa fi laafinaatiin hiika jijjiirrachuu akka danda'an namni Afaanicha dubbachuu fi barreessuu danda'u marti salphaatti hubachuu ni danda'a. Hiikni jecha tokkoo jijjiirame jechuunimmoo ergaan dabruu barbaadame osoo hin dabrin hafe jechuudha. Barreeffamoonni Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessatti barjaalee addaddaarratti maxansamanii argamanii fi dogoggora jabinaa fi laafina qubee qaban marti yookaan hiika waan jijjiirrataniif ergaa dabarsuuf barbaadame hin dabarsani yookaanimmoo tasuma hiika hinqabanu, Afaan Oromoo miti. Dogoggora mul'atu haala kanaan qooduun garuu xiinxaluuf akka mijaawu gochuuf malee barreeffamoonni hedduun dogoggora gosa tokko qofa qabu jechuu akka hin taane beekuun barbaachisaadha.Gabateen armaan gadii himoota dogoggora qabanii fi gosa dogoggoraa kan ibsuudha.

Gabatee 3: Dogoggora jabinaafi laafinaa kan qabuufi sirratee kan barreeffame

Lakk.	Himoota Dogoggora Jabinaa yookaan Laafinaa Qaban	Jecha dogoggora	Sirriitti yoo katabamu
1	Mana Surra Girma	Surra	Suuraa
2	Mana Kussaa Qorichaa	Kussaa	Kuusaa
3	Dukana Qoricha	Dukana	Dukkaana
4	Kilinik Giddu Galesa	Giddu Galesa	Giddu-galeessa
5	Kilinika Dr Malka	Malka	Malkaa
6	Mana Rarro Kaliifaa	Rarro	Raroo
7	Kaafe fi Mana nyaataa	Kaafe	Kaaffee
8	Mana Maxansaa fi Beeksisaa	Maxansaa	Maxxansaa
9	Ufata Misiroo	Ufata Misiroo	Uffata Misirroo
10	Siminton Ni Jira	Siminton	Simmintoon
11	Dargagota Abdii Boruu	Dargagota	Dargaggoota
12	Kilinika Kiya	Kiya	Kiyyaa
13	Waajira Yuuniyeenii	Waajira	Waajjira
14	Ifati Mul'isa	Ifati	ifatti
15	Odeefannoo dabalataaf	Odeefannoo	Odeeffannoo
16	Mirga Daa'imanii	Daa'imanii	Daa'immanii

Gabatee 3ffaa armaan olii kanarratti dogongoroonni mul'atan dogongoroota jabinaafi laafinaa akkasumas dogongoroota dheerinaafi gabaabinaa yoo ta'anillee waa'ee dogongora dheerinaafi gabaabinaa gabatee 4ffa itti aanee jrurratti waan xiinxalluuf ammaaf dogongora jabinaafi laafinaa qofaarratti haa xiyyeeffannu. Dogongorri akkanaa kun manneen daldalaa bulchiinsa Magaalaa Aggaaroo keessatti heddumminaan mul'atu. Kanammoo seerlugni Afaan Oromoo kan heyyamu miti. Fakkeenya olitti kennaman keessatti dogoggorri dheerinaa fi gabaabinaas ni mul'atu. Haa ta'u malee xiinxaluuf akka tolutti jabinaa fi laafina qofarratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha. Himoota jecha "surra" keessatti qubeen "r" jecha lammaffaa "kussaa' keessattimmoo qubeen "s" jecha ja'affaa "Rarro" jedhamee katabame keessatti qubeen "r"

qeenxee ta'anii katabamuu qabu. Sagaleewwan kunneen jechoota kunneen keessatti yoo dubbifamanus laafanii dubbifamu. Jechoota "Dukana", "Giddu galesa", "Malka", "Gamachuu" keessattimmoo qubeewwan "k", "s", "m", sagaleewwan jaboo waan bakka bu'anuuf lama lama ta'anii katabamuu osoo qabanuu laafaa ta'anii katabaman. Sababa dogoggora kanaan kan ka'e namni Afaan Amaaraa beeku, barreeffama Afaan Amaaraarraa ergaasaanii hubata. Namni Afaan Oromoo qofa beeku garuu, ergaasaan dabarsan hubachuu hindanda'u. Kanaaf barreeffamoonni kunneen Afaan Oromootiin barreeffamuunsaanii maqaadhumaaf malee ergaa dabarsuuf miti jechuun ni danda'ama.

C. Dogoggora Qubee Dubbifamaa

Afaan Oromoo keessatti, qubeen dubbifamaa gosti tokko lama ta'anii kan walitti aansanii katabaman yoo jabina ibsu ta'eedha. Gosti garaagaraa lama walitti aansanii kan katabamanimmoo yoo jechi tokko irra buta kan barbaadu ta'e qofaadha. Haa ta'u malee, seera barreeffama Afaan Oromootiin ala qubeewwan sadii fi sadii ol walitti aananii yoo katabaman arguun Magaalaa Aggaaroo keessatti seera ta'ee mul'ata. Fakkeenyaaf himootni armaan gadii fudhatamaniiru.

Gabatee 4: Dogoggora qubee dubbifamaa fi dubbachiiftuu sirraa'ee barreeffame

T. L	**Maqaa Dhaabbata Daldalaa**	**Jecha dogoggora qabu**	**Baayyina dubbifamaa**	**Sirriitti yoo barreeffamu**
1	Ta**ssff**aa gurgurta dhadha fi damma	Tassffaa	4	Tasfaa
2	Mana Cuu**nff**aa Abdii	Cuunffaa	3	Cuunfaa
3	Mana Rifee**nss**aa	Rifeenssaa	3	Rifeensa
4	A**kss**asarii Moobaayilii	Akssasarii	3	Aksasarii
5	Ele**ktr**oniksii Maahleet	Elektroniksii	3	Elekitirooniiksii
6	Aggaaroo haa Misoo**mss**inu	Misoomssinu	3	Misoomsinu
7	Mana gurgu**rtt**aa	Gurgurttaa	3	Gurgurtaa
8	Abbaay Mi**ncc**ii	Minccii	3	Mincii
9	Hoteela Esm**aai**l	Esmaail	3	Esmaa'il
10	Buutikii S**eii**d	Seiid	3	Se'iid
11	Giddu Gala Moob**aai**lii Sami	Moobaailii	3	Moobaa'ilii
12	Walqunnamsii**stt**uu Hojii	Walqunnamsiisttuu	3	Walquunnamsiistuu

Gabatee 4ffaa kana keessatti dogoggorri mul'atu dogongora qubee dubbifamaa qofa osoo hin ta'in dogongorri qubee dubbachiistuus kan mul'atu yoo ta'ellee xiinxaluuf akka mijatutti ammaaf qubee dubbifamaa qofaarratti haa xiyyeeffannu. Fakkeenyota gabatee olitti jiru keessatti kennaman yoo ilaalle, qubeewwan dubbifamoon walitti aananii katabaman maaliif akka katabaman ibsuun nama rakkisa. Hima tokkoffaa keessatti maqaa **"Tasfaa**" jedhu barreessuuf qubeewwan **"s"**n tokkoo fi **" f"**n tokko qofti akka irra butaatti walitti aanuu ni danda'u. Lama lama ta'anii garuu walitti aanuu hin danda'anu. Hima lammaffaa keessattimmoo "k" tokkoo fi "s" tokko qofatu walitti aanuu qaba."s" lama taasisuun dogoggora. Jechi "Aksum" jedhu yoo dubbifamus sagaleen "s" hin jabaatu. Jecha "Cuunfaa" jedhu keessatti "n" tokkoo fi "f" tokko qofaatu irra buta ta'ee walitti aana."f" lama taasisuun dogoggora. Jechoota Rifee**nsss**a, A**kks**a**ss**arii, Ele**ktr**oniksii jedhanis haaluma kanaan ilaaluun ni danda'ama.

Afaan Oromoo akkuma afaanota bioro seera mataasaa kan qabuudha. Akka seera Afaan Oromootti qubeewwan dubbifamoon garaagaraa lama kan waliti aananii barreeffaman yoo jechi sun irra buta kan qabu ta'eedha. Dubbifamoon sadii yookaan sadii oliimmoo gonkuma walitti aananii hin katabamanu. Qubeewwan dubbifamoon gosti tokko sadii ykn sadii ol ta'anii walitti aananii seenuu kan danda'an yoo hudhaan gidduu jiraate qofa. Barreeffamni seera afaanichaa kunneen cabse Afaan Oromoo ta'uu hin danda'u. Kanaaf, barreeffamoota garaagaraa maqaalee daldalaa qubee Laatiiniitiin katabamanii Magaalaa Aggaaroo keessatti argamaniin Afaan Oromooti ulaagaan nama jechisiisu hin jiru jechuudha.

D. Qubee fi Seera Afaan Birootiin Afaan Oromoo Barreessuu

Qubeen Laatiinii Afaanota hedduu barreessuuf ni gargaara. Haa ta'u malee, qubeen Laatiinii tokko afaanota mara keessatti sagaleedhuma tokko qabaata jechuun hin danda'amu. Qubeen tokko afaan tokko keessatti sagalee murtaawaa tokko ibsuuf mallattoo ta'ee yoo tajaajile, afaan biroo keessattimmoo sagalee birootiif mallattoo ta'uu danda'a. Kanaaf, afaan tokko fayyadamnee yaada keenya barreeffamaan ibsuun dura qubeen tokko afaan barreessamu san keessatti sagalee maalii akka bakka bu'u sirriitti beekuun barbaachisaadha. Himoota armaan gadii keessatti qubeewwan sagalee Afaan Oromoo keessatti qabanuun osoo hin taane, afaanota birootiin kan barreeffamanidha.

Gabatee 5: Qubee Afaanota birootiin barreeffamuun dogoggora uumamee fi sirratee kan barreeffame

Lak.	Maqaa dhaabbata daldalaa	Jecha dogoggora qubee qabu	Sirriitti yoo barreeffamu
1	Mana Huchuu Abdii	Huchuu	Huccuu
2	Giroocerii Goorgis	Girocerii	Giroosarii
3	Caaffee Hikmaa	Caaffee	Kaaffee
4	Mana Chunfaa Najaat	Chunfaa	Cuunfaa
5	Mana Chunfaa Addisuu	Chunfaa	Cuunfaa
6	Phootoo Kooppii Girmaa	Phootoo	Footoo
7	Caafee Indris	Caafee	Kaaffee
8	Tajajila Cumpetera ni laanna	Cumpetera	Kompiyutera a

Gabatee armaan olii irraa kan nuti hubannu dogongorri barreeffama Afaan Oromoo barjaawwan adda addaa irratti mul'atan hedduun isaanii sagaleewwa Afaan Oromoo keessatti hin jirreen kan barreeffamanii dha. Dogongorri akkasii kun immoo jijjiirama hiikaa qofa osoo hin taanee jijjiirama maqaa illee fiduu ni danda'a. Fakkeenyaaf, maqaalee kanneen akka **"Caaffee, Computara, phootoo, Chuunfaa** jedhanii barreeffaman kunniin akka sirrii hin taane hubatamee jira. Seera Afaan Oromoo keessatti dubbifamaa qubee qeenxee lamaa oli walitti aansanii barreessuun jechicha barreeffame sana akka inni hin dubbifamne gochuurra dabree jechichi akka hiika hin qabaanne taasisuurra darbee waaltina afaanichaarrattis gufuu guddaa uumuu kan danda'uudha.

Jechoota dogoggora qubee qaban olii keessatti, qubeewwan "ch", "c", 'f', 'k', 'ph', sagaleewwan bakka bu'uu qaban bakka bu'anii hin katabamne. Ergaa isaan dabarsuu barbaadanis kan tilmaamaan bira ga'uu danda'u nama Afaan Ingiliffaa beeku qofaadha.

Haaluma wal fakkaatuun, Afaan Oromoo keessatti, irra butni jalqaba jechaatti hin seenu. Kanaanf, Oromoon tokko jecha afaan biroo keessatti irra buta jalqabarratti qabu tokko sagalee dubbachiistuu gidduu galchee dubbata. Yoo barreeffamus haaluma kanaan barreeffama.

Fakkeenya barreeffamoota Afaan Oromoo Magaalaa Aggaaroo keessaa sassaabaman armaan gadii haa ilaallu.

Gabatee 6: Irra buta afaan biroo Afaan Oromoo keessatti mul'atuufi sirreeffamee kan barreeffame

T.L	**Barreeffama Sassaabame**	**Jecha Dogoggora Qabu**	**Yoo sirratu**
1	Seera **tr**aafika kabajuu	**tr**aafika	tiraafikaa
2	**St**aayilii kk	**St**aayilii	Istaayilii
3	**Kr**istoos hundumaaf	**Kr**istoos	Kiristoos
3	**Gr**oos**a**rii Tsaggaa	**Gr**oo**c**arii	Giroosarii
4	**Sp**oortiin fayyaaf	**Sp**oortii	Ispoortii

Dogoggorri qubee Ingiliffaatti fayyadamuu fi dogoggorri irra buta Ingiliffaa Afaan Oromoo keessattis fayyadamuu olitti ibsaman namoota Ingiliffa hanga tokko beekanu garuu Afaan Oromoo tasuma hin beekneen kan uumaman ta'uu tilmaamuu nama hin dhibu.

Kan hunda caalaa nama ajaayibsiisu Magaalaa Aggaaroo keessatti Afaan Oromoo namoota Ingiliffas Afaan Oromoos hinbeekneen kan katabamu ta'uusaati. Dhimma kana sirriitti ibsuuf fakkeenya armaan gaditti kennaman ilaaluun ni ga'a.

Gabatee 7: Dogoggora dandeettii Afaan Oromoon barreessuu dadhabuun uumame

Barreeffama Dogoggoraa	**Sirriitti yoo katabamu**
Goresorii Addamu	Giroosarii Addaamuu
Tekino… jarjara salpha can bishaan hin sena	Kan bishaan hin seenne.
Sreen jiraa	Sireen Jira

4.2.1.2. Dogoggora Hiikaa

Dogoggorri hiikaa sababoota lamaan kan uumamanuudha. Isaanis dogoggora qubee fi filannaa jechootaati. Barreeffamoota Magaalaa Aggaaroo keessaa sassaabaman keessatti dogoggorri kunneen bifa kamiin akka calaqqisan haala armaan gadiitiin ilaaluun nidanda'ama.

A. Jijjiirama Hiikaa Sababa dheerinaa yookaan gabaabinaan uumame

Gabatee 8: Maqaa dhaabbilee fi beeksisoota hiika dogoggoraa dabarsanii fi yeroo sirratee barreeffamu

Barreeffama hiika Dogoggoraa dabarsu	**Sirratee kan barreeffame**
Mana Foon Isilaamaa	Mana Foonii Isilaamaa
Mana Buna Yeshaarag	Mana Bunaa Yeshaarag
Giroocara Salamii	Giroosarii Salaam
Kilinika Ilkaan Malkaa	Kiliiniika Ilkaanii Malkaa

4.2.1.3. Filannaa Jechootaa

Yaada keenya barreeffamaan ibsuuf jecha filachuun barbaachisaadha. Kana jechuun jecha yaada ibsuu barbaanne san sirriitti ibsu filachuu jechuudha. Hawaasni naannoo tokko keessa jiraatu, looga tokko dubbatu, wanta tokko jechuma walfakkaatuun ibsa. Fakkeenya naannoo tokko keessatti, hawaasni jiru marti "gugeedhaan" gugeedhuma jedha. Jechoota gugee fi makoodii jedhan keessaa tokko jecha waaltawe yoo ta'es martinuu jechuma waaltinaa san fayyadamu. Kunimmoo waaltina afaan tokkoo kan sadarkaa qubeefi sadarkaa jechaatti argamurratti dhiibbaa guddaa geessisuu danda'a. Magaalaa Aggaaroo keessatti wanti calaqqisu garuu adda. Fakkeenya armaan gadii haa ilaallu**.**

a) **Dukkaana** Qorichaa Gommaa
b) **Dukaana** Qorichaa Zeeynuu
c) **Mana** Qorichaa Limmu
d) **Gola** Miidhaginaa
e) **Golgee** Miidhaginaa
f) **Mana** Miidhaginaa

Odeeffannoowwan kunneen keessatti **Mana Qorichaa**, **Dukkaana Qorichaa** kan jedhu Afaan Ingiliziitiin Drug Store kan jedhuun bakka kan bu'uudha. Haata'umalee, odeeffannoo kana keessatti jechi **Mana** jedhuufi **Dukkaana** jedhu lamaanuu dhimmuma tokko ibsuuf kan ooluudha. **Mana Qorichaa** yookiin **Dukkaana Qorichaa** jedhamuu danda'a. Kanaafuu, jechi **mana** jedhuufi **dukkaana** jedhu beeksisa kana keessatti irradeebii hinbarbaachifne waan ta'eef,

bifa lamaan olitti ibsaman keessaa tokkotti yoo sirratee barreeffame gaarii ta'a. Sababiinsaa namni barreeffamoota kanneen dubbisu jecha beekamaa yookaan waaltawaa ta'e addaan baafachuudhaaf rakkachuu danda'a waan ta'eef.

4.2.1.4. Dogoggora Tartiiba Jechootaa

Afaan Oromoo seera caaseffama jechootaa kan ittiin ibsamu yookaan ergaa ittiin dabarsu ni qaba. Seerri yaada tokko dabarsuuf fayyadu yoo dogoggora qaba ta'e, ergaan inni dabarsus dogoggoraa ta'a yookaan ergaa dabarsuuf yaadame osoo hin ta'in, ergaa biroo dabarsuu ni danda'a. Kanaaf, ergaan dabarsuuf yaadame sunis osoo hindabrin hafa. Beeksisa moobaayila teeknoo armaan gadii haa ilaallu.

Gabatee 9: Dogoggora Tartiiba Jechootaa

Barreeffama dogoggora Qabu	**Sirraa'ee yoo barrreeffamu**
Teekinoo Moobaayil -Siimii abbaa lamaa	Moobaayila Teekinoo - abbaa siimii lamaa
Mana Muka Gurgurta Tofik	Mana Gurgurtaa Mukaa Toofiq

Maddi dogoggora kanaa jechoonni tartiiba galuu qaban eeganii barreeffamuu dhabuudha.Akka seera Afaan Oromootti, "Siimii abbaa lamaa"jechuun "siimiitu abbaa lama qaba" jechuudha. "Abbaa siimii lamaa" jechuun garuu, "moobaayilichatu siimii lama ofkeessatti qabachuu danda'a jechuudha.

4.3. Xiinxala Ragaalee Af-gaaffii

Odeeffannoo bobbaa dirreetiin argaman caalaatti cimsuu fi deeggaruuf gaaffii fi deebiin namoota garagaraa waliin geggeeffameera. Namoonni kunneen ogummaa adda addaa kan qabanii fi kan dhimmi kun kallattiin isaan ilaaluudha.

Gabatee 10: Qaamolee gaaffii fi deebiin waliin geggeeffame

Lakk.	Qaamolee Hawaasaa Gaaffii fi Deebiin waliin Geggeeffame	Baay'ina
1	Daldaltoota	6
2	Barreessitoota Barreeffamoota Barjaaleerraa	2
3	Ogeessa Waajjira Aadaafi Tuuriizimii	2
	Ida'ama	**10**

Akkuma gabatee olitti kennamerraa hubachuun danda'amu namoonni af-gaaffii keessatti hirmaatan gosa sadii turan. Isaanis, daldaltoota maqaa dhaabbata daldalaasaanii barreessifatan ja'a, namoota qarshiidhaan beeksisoota magaalattii keessaa barreessan lama fi qaama mootummaa dhimmi kun kallattiin ilaalu lamadha. Af-gaaffiin daldaltoota waliin geggeeffame seera barreeffama maqaa dhaabbilee daldalaasaanii, hubannoo isaan qabanii fi waa'ee barreessitootasaanii odeeffannoo argachuufiidha. Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii waliin gaaffii fi deebiin geggeeffamemmoo hubannoo qaamni mootummaa kun rakkinicha ilaalchisee qabuu fi tarkaanfii hanga ammaatti fudhatame yookaan fudhatamuuf yaadame adda baasuuf ture.

4.3.1. Af-gaaffii Abbootii Qabeenyaa yookaan Daldaltoota Waliin Geggeeffame

Barreeffama maqaa dhaabbata daldalaasaanii ilaalchisee odeeffannoo argachuuf abbootii qabeenyaa ja'a waliin gaaffii fi deebiin geggeeffameera. Gaaffileen hundasaaniif dhiyaatan afur yoo ta'an, martinuu kanuma wafakkaataniidha (Dabalee 'A' $_{A1-4}$ Ilaali). Gaaffiisaan jalqabarratti gaafatamanis "Maqaa dhaabbata daldala keessanii kana eenyutu isiiniif barreesse?" kan jedhuudha. Gaaffii kanaaf deebii yoo kennan martinuu maqaa barreessaa himuu yoo hin barbaannellee, magaalattii keessaatti namoonni barreeffama beeksisa barjaaleerra kana barreessan hedduu beekamoo ta'uusaanii ibsaniiru.

Gaaffiin itti aansee gaafatmemmoo "Namni isiniif barreesse Afaan Oromoo dubbachuu, dhaggeeffachuu, dubbisuu fi barreessuu ni danda'aa?" kan jedhuudha. Namoota ja'an gaafataman keessaa hedduunsaanii namni isaaniif barreesse Afaan Oromoo dubbachuu fi

dhaggeeffachuu hedduu yoo hindandeenyellee dubbisuu fi barreessuu garuu sirriitti akka danda'u dubbatan. Kunimmoo Afaan Oromoo namni afaanicha dubbachuu fi dhaggeeffachuu hin dandeenyes barreessuu ni danda'a jechuudha. Kunis namni afaan biroo kanneen akka afaan Ingiliffaa beeku kamiyyuu afaanicha barreessuu ni danda'a goolaba jedhutti nu geessa. Barreeffamoonni Afaan Oromoo keessatti maxxansaman marti dogoggoraan kan guutaman erga ta'ee, namoonni barreessanis magaalattii keessatti Afaan Oromoo dogoggoraan guutame barreessuun beekamoo ta'uu ni danda'u. Ogeeyyii hojii gaariin beekaman garuu ta'uu tasuma hin danda'ani.

Gaaffii sadaffaan, gaafataman immoo barreeffamichi dogoggora qabaachuusaa beekuu fi dhiisuusaanii fi qaamni isaanitti hime, isaan sirreessuuf yaale jiraachuuf dhiisuu kan gaafate ture. Martinuu dogoggora qabaachuusaa akka hinbeeknee fi qaamni isaanitti hime yookaan sirreessuuf yaales akka hin turre ibsan. Keessumattuu, qaama dhimmichi ilaalu hayyamsiisanii, qarshii kafalamuu qabus kafalanii erga mirkanaa'eefii booda kan maxxansan ta'uu mirkaneessan. Haa ta'u malee, qaamni kun kam akka ta'e ibsuu hin barbaanne. Qaamni dhimmichi ilaalu qaama kamiyyuu haa ta'u, qarshii erga kafalchiisee booda dogoggora qabaachuu fi dhiisuu barreeffama dhiyaateef mirkaneeffatee sirreessuuf yaalii hingodhin hafuun garuu kan nama gaddisiisu qofa osoo hin ta'in, qaamni kun ga'een hojiisaa maal akka ta'es sirriitti kan hinbeekne yookaan sirreessuuf ofumaafuu kan ga'umsa hinqabne ta'uu kan agarsiisuudha.

Dhumarratti gaaffiin dhiyaateef dogoggorri barreeffamaa akkanaa guddina ogbarruu Oromoorrattii fi daldalasaaniirratti miidhaa inni geessisurratti ilaalcha qaban akka ibsan gaafataman. Hedduunsaanii daldalasaaniirrattis ta'e guddina Afaan Oromoorrattis midhaa fides akka hin turree fi fiduus akka hindandeenye yoo ibsan muraasnisaanii garuu daldalasaaniirratti miidhaa inni geessise akka hin turree fi guddina Afaan Oromoorratti garuu miidhaa fiduu akka danda'u ibsan. Abbootiin qabeenyaa hedduun daldalasaaniirratti dhiibbaa hanga hin fidnetti, barreeffamnisaanii dogoggora qabaatees dhiises dhimmasaanii ta'uu hindanda'u. Rakkinni kun hawaasa Oromootiif garuu dhimma murteessaa ta'uunsaa beekamuu qaba. Kanaaf, rakkinni dogoggora barreeffamaa kun akka furmaata argatu, qaamni rakkinni akkanaa yoo uumamu akka sirreessu dirqamni itti kennames hordofee akka sirreessu dhiibbaa gochuutu irraa eegama.

4.3.2. Af-gaaffii Barreessitoota Waliin Geggeeffame

Barreessitootaa ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuuf ogeeyyii maqaalee dhaabbilee daldalaa kunneen barreessan keessaa namoota lama waliin gaaffiin qomaa geggeeffameera. Gaaffileen dhiyaatanis sadii qofa yoo ta'an, jalqabarratti sadarkaa fi gosa barnootasaanii akka ibsan gaafatamanii turan. Bu'uuruma kanaan barreessitoonni kunneen akka ibsanitti sadarkaan barnootasaanii kutaa shanaffaadhaa hanga kutaa kurnaffaa gidduu kan jiru ta'uusaa ibsan. Itti aansuudhaan gaaffiin dhiyaateef sadarkaa dandeettii Afaan Oromoo isaan qabanuu fi akkamitti barreessaa akka turan odeeffannoo argachuurratti kan xiyyeeffateedha (Dabalee A $_{B1-3}$ Ilaali). Dandeettii afaanichaa ilaalchisee gaaffii tokkoffaa keessatti gaafataman yoo deebisan lamaanuu Afaan Oromoo dubbachuus, dhaggeeffachuus, kan hindandeenye ta'uu ibsan. Haa ta'u malee qubee Laatiin waan beekaniif dubbisuufi waan namoonni itti himan barreessuun kan isaan hin rakkisne ta'u ibsan. Maqaaleen dhaabbilee daldalaa adda addaa isaan barreessan dogoggora qabaachuu kan beekan ta'uu fi dhiisuusaanii akka ibsan gaafatamanii yoo deebisanis, akka hin beeknee ta'uu ibsan. Haala itti barreessanimmoo yoo ibsan, ga'eensaanii kan waraqaarratti barreeffamee isaaniitti kenname gara barreeffama fageenyatti mul'atuutti jijjiiruusaanii ta'uu dubbatan. Haa ta'u malee barreeffamnisaanii qaama dhimmichi ilaaluun fudhatama argachuusaa ibsuun qaamichi kam akka ta'e garuu ibsuu hin barbaanne.

Namoonni kunneen ga'eensaanii wanta waraqaa xiqqoorratti barreeffamee itti kenname akka fageenyatti mul'atutti guddisanii barreessuu qofa yoo ta'e badiin isaan qabanis jira jechuun hindanda'amu. Qaamni waraqaa xiqqaarratti barreessee itti kennu garuu osoo namoota kunneen hin barreessisin dursanii dogoggora qabaachuu fi dhiisuusaa mirkaneeffachuutu irra eegama.

4.3.3. Af-gaaffii Ogeessa Aadaafi Tuuriizimii Waliin Geggeeffame

Hubannoo xiinxala ragaalee barreeffamaa, gaaffii fi deebii abbootii qabeenyaa fi barreessitoota waliin geggeeffamerraa argame, bu'uura godhachuun Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroo waliin gaaffii fi deebiin geggeeffameera (Dabalee A $_{C1-4}$ ilaali). Kaayyoon gaaffii fi deebichaas rakkoolee barreeffamoota magaalattii keessatti argamaniin walqabatanii mul'atan ilaalchisee hagam hubannoo akka qabanuu fi rakkoolee kunneen furuuf yaaliin godhamee yookaan tarkaanfiin fudhatamuuf yaalame yoo jiraate adda baafachuudha.

Mata duree kanaan walqabatee gaaffilee afurtu ogeessa waajjirichaaf dhiyaatan. Haaluma kanaan inni jalqabaa "Barreeffamni beeksisaa yookaan maqaalee dhaabbilee daldalaa magaalaa Aggaaroo keessa jiran dogoggora adda addaa qabaachuusaanii ni beektuu?" kan jedhuuf rakkoon jiraachuusaa kan beekan ta'uusaanii ibsan. Itti dabaluudhaan dhimmichaan walqabatanii rakkoolee mul'atan too'achuun dirqama waajjirasaanii ta'uu fi dhiisuu adda baafachuuf kan dhiyaateedha. Deebiin gaaffii kanaaf kennames rakkoolee kunneen furuun ga'ee Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroo ta'uusaa kan amanan ta'uu niagarsiisa. Haa ta'u malee, barjaawwan barreessamanii maxxansamaniif hayyama kennaa kan ture waajjirasaanii qofa osoo hin taane waajjira Daldalaafi Misooma Gabaa ta'uusaa ibsan.

Gaaffileen lamaan itti aansanii duraa duubaan dhiyaatan Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaroo keessatti kutaan dhimma afaaniirratti hojjetu jiraachuu fi yoo jiraatemmoo ga'eesaa ba'achuu fi dhiisuusaa mirkaneeffachuurratti kan xiyyeeffataniidha. Waajjiricha keessa kutaan dagaagina Afaan Oromoorratti hojjetu kan jiru yoo ta'u dirqama itti kenname guutumaa guutuutti ba'ateera jechuun rakkisaa ta'uu deebiilee kennamanirraa hubachuun ni danda'ama. Yeroo ammaa kana garuu, rakkoolee barreeffamoota kunneeniin walqabatan furuuf koreen hundaa'ee qarree fi qeerroo magaalattii waliin ta'uun qophii kan eegalan ta'uusaa ibsaniiru. Gaaffii arfaffaan waajjirichaaf dhiyaate ", Dogoggorri barreeffamoota barjaaleerraa guddina ogbarruu Oromoorrattifi waaltina afaanichaarratti miidhaa geessisu ni qaba jettanii amantuu kan jedhuufi Rakkoo qabaachuusaa ni amantu yoo ta'e, rakkoo kana furuuf gara fuula duraatti maal yaaddan?" kan jedhu yoo ta'u, deebiin kennames dhiibbaa olaanaa ergaa dabarsuurratti, guddina afaanichaarratti, keessumattuu waaltina afaanichaarratti kan qaqqabsiisu ta'uusaa kan ibsaniidha.

Deebii gaaffii kanaaf kennamerraa hubachuun akka danda'ametti, kanneen kanaan dura barreeffamanii maxxansaman yookaan fannisaman marti sassaabamanii sirraa'anii akka katabaman gochuuf koreen tokko kan qeerroo fi qarree ofkeessaa qabu sadarkaa magaalaatti hundaa'e qophii godhaa akka jiruu fi gara fuula duraatti garuu eenyuyyuu barreeffama fagootti akka dubbifamutti dhimma beeksisaafis ta'e dhimma daldalaaf magaalattii keessatti maxxansuun dura hayyama yookaan beekamtii waajjira Aadaa fi Tuuriizimii argachuu akka qabu, yoo kana hin taane garuu maxxansuu akka hindandeenyee fi maal nadhibdeedhaan kan maxxansan yoo ta'emmoo seeraan itti gaafatamuu akka danda'an qajeelfama baasuuf karoorfatanii jiru.

Walumaagalatti, manneen daldalaatiif qaamni heyyama kennu barreefama Afaan Oromoo, Afaan Amaaraa fi Afaan Ingilizii walduraaa duubaan barreessuu akka qaban labsiin addeessu bahee ture jedhan hojjettoonni waajjira daldalaa. Labsiin kun garuu waa'ee dogongora barreeffama Afaan Oromoo waanti inni ibsu hin jiru jechuun yaada isaanii kennaniiru.

Qaamni namoota barreeffama Afaan Oromoo barreessan kana to'atu akka hin jirre ibsuun, waajjirri daldalaas ta'ee waajjirri bulchiinsa Magaalaa dhimma daldalaa irraa kan hafe dhimma barreefama Afaan Oromoo kanaan walqabatee hordoffii inni godhaa jiru akka hin jirre ibsan.

Dogongora barreeffamaa mul'atu kana hambisuuf maaltu godhamuu qaba jedhamee gaaffii hojjettoota waajjiraaf dhihaaterratti akka jedhanitti Bulchiinsi Magaalaa, daldaltoota garagaraa, hawaasni magaalichaa hundi, keessumaammoo hayyoonni magaalattii keessatti argaman hundi dogongorri kun guddinaa fi waaltina ogbarruu Oromoorratti dhiibbaa guddaa fiduu akka danda'u beekuun hatattamaan sirreessuu qabu. Dogongorri barreeffama Afaan Oromoo kun dafee sirrachuu baannaan guddina Ogbarruu Oromoorratti gufuu ta'uurra dabree waaltina Afaan Oromoorratti dhiibbaa guddaa uumuu danda'a.

Afaan tokko loogota sadarkaalee garagaraa kanneen akka looga qubee looga jechaafi looga haasawaatiin waalta'uu danda'a. Kanaaf barreeffama tokko keessatti jechoonni waliigaltee uummataarratti yookaan ergaa sirrii dabarsuurratti gufuu ta'u yookaan dogongora uumu taanaan waaltina jechootaafi guddina afaanichaarratti gufuu guddaa uumuu danda'u.

Afaan waaltessuun adeemsa afaan tokko qopheessuu, qindeessuufi ammayyeessuu ta'ee kan dubbattoonniifi barreessitoonni afaanichaa haala walfakkaatuun rakkoo yookaan dogongora hiikaafi ergaa tokko malee walquunnamuun yaada waljijjiiran yammuu ta'u akkaataa odeeffannoo sassaabameefi qaaccessa geggeeffameetiin seerri yookaan haqni kun barreeffamoota Afaan Oromoo beeksisa barjaaleerraa magaalaa Aggaaroorratti kan mul'atu miti.

Dimshaashumatti qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoon waaltina afaaniitiif kenname loogawwan bakka garagaraa waaltessuurratti osoo hin ta'in qubeewwan yookaan jechoota sirrii ta'anii akkaataa seerlugni Afaan Oromoo heyyamutti barreeffamuu dhiisuun beeksisoota barjaaleerraa qubeewwaniifi jechoota sirrii ta'an addaan baafachuurratti dhiibbaa waan fidaniif waaltina sagaleewwaniifi jechootaa akkasumas seerluga barreeffama afaanichaarratti dhiibbaa guddaa geessisu jechuudha. Sababiinsaa afaan tokko barreeffamaanis ta'ee haasawaan kan guddatuufi waalta'u hawaasa afaanichatti fayyadamuun waan ta'eef.

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, GOOLABAAFI YAADA FURMAATAA

5.1. Cuunfaa

Qorannaan kun gosootaa dogoggora barreeffamoota Afaan Oromoo hubannoo uummataaf Magaalaa Aggaaroo keessatti faayidaa kennan adda baasuun akaakuu dogoggoraafi dhiibbaa waaltina Afaan Oromoof qabu hubachuun guddina Afaan Oromootiif hanga tokko bu'aa buusuuf kan geggeeffameedha. Qorannicha geggeessuuf odeeffannoon barbaachisan dirreetti bobba'uuniifi qaamolee adda ddaa gaafachuun sassaabameera.

Haaluma kanaan, kanaan ragaaleen barreeffamaa 42 kan sassaabaman yoo ta'u, kanneen keessaa 3 (7.14%) maqaalee dhaabbilee fayyaa, 3 (7.14%) maqaalee Hoteelaa, 2 (4.76%) maqaalee manneen miidhaginaa, 7 (16.67%) waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa yammuu ta'an 25 (59.53%) immoo dhaabbilee daldalaa kanneen biroorrattiidha.

- Barreeffamoota sassaabaman keessaa kanneen dogoggora qabanii fi kanneen dogoggorarraa bilisa ta'an jechuun mata-duree lama jalatti qoqqooduuf yaaliin kan godhame yoo ta'ellee barreeffamoonni jiran martisaaniiyyuu dogoggora gosa adda addaa kan of keessaa qaban ta'uusaa bu'aan qorannoon kanaa agarsiiseera. Dogoggoroonni mul'atan kanneen armaan gadii yoo ta'an barreeffama tokko keessatti dogoggora gosa tokko qofa osoo hin taane gosa lamaa fi lamaa ol ta'uusaa xiinxala geggeeffamerraa hubachuun danda'ameera. Dogongoroonni kunneenis:
    - ✓ dogoggora jabinaafi laafinaa, dheerinaafi gabaabinaa, akkasumas dogongora hudhaafi irra-butaati.
    - ✓ Seera afaanota birootiin Afaan Oromoo barreessuuf yaalii gochuu yookaan sagalee qubeen tokko afaan biroo keessatti qabuun Afaan Oromoos barreessuu. Fakkeenyaaf qubeewwan Afaan Ingilizii.
    - ✓ Qubeewwan dubbifamoo gosa tokko yookaan gosa garagaraa sadii fi sadii oli walitti aananii katabuu
    - ✓ Qubeewwan dubbachiiftuu gosa garagaraa lamaafi lamaa oli walitti aananii katabuu
    - ✓ Jechoota seeraan ala walitti qindeessuun dogoggora hiikaa uumuu

- ✓ Jechoota maddisaanii hin beekamne fayyadamuu
- ✓ Seera jijjiirraa afaan maddaafi afaan jijjiirraa osoo hin eegin jijjiirraa geggeessuufi kkf dha.

- Abbootiin qabeenyaa martinuu namni yookaan ogeessi barreeffama beeksisasaanii isaaniif barreesse magaalattii keessaatti hedduu beekamaa ta'uu ibsaniiru, maqaasaanii garuu himuu hin barbaadannu jedhan. Madaalliin daldaltoota kunneenii seerluga Afaan Oromoo eegee sirriitti barreeffamuusaa osoo hin ta'in miidhagina qubeerratti kan hundaa'e ta'uusaa tilmaamuun ni danda'ama.

- Namoonni barreessan Afaan Oromoo dubbachuu fi dhaggeeffachuu hindanda'ani. Barreessitoonni kunneenis Afaan Oromoo dubbachuus ta'ee, dhaggeeffachuu, kan hindandeenye ta'uusaanii ni amanu. Haa ta'u malee, qubee Laatiinii waan beekaniif dubbisuufi waan namoonni itti himan barreessuu akkka danda'an ni amanu. Barreeffamoota magaalattii keessatti argaman mara kan barreessanis namootuma akkanaati jechuun nidandaa'ama. Kana jechuunimmoo, namni qubee Laatiinii beeku marti Afaan Oromoo beekuus wallaalus afaanicha dubbisuufi barreessuu ni danda'a jechuudha. Kanaaf, Afaan Oromoo eenyuyyuu barreessuu danda'a jechuudha. Maddi dogoggora barreeffamoota Magaalaa Aggaaroo keessaa inni bu'uuraa kana jechuunis ni danda'ama.

- Abbootiin qabeenyaa martinuu barreeffamni maqaa daldalasaanii beeksifachuuf barreessifatan dogoggora qabaachuusaa hinbeekani; qaamni isaanitti himes yookaan sirreessuuf yaales akka hinjirree fi darbee darbee immoo duulaan qeerroowwan magaalattii sirreessuuf kan yaalan ta'uusaa ibsan. Namoonni barreessanis maqaaleen dhaabbilee daldalaa adda addaa isaan barreessan dogoggora qabaachuusaa hin beekani.

- Ga'een namoota barreeffamoota barjaaleerraa barreessanii waan haaraa uumanii barreessuu osoo hin taane, kan namoonni waraqaarratti barreessanii itti kennan akka fageenyatti mul'atuutti gurguddisaniifi babbareechanii barreessuudha.

- Qaama dhimmichi ilaalu hayyamsiisanii, qarshii kaffalamuu qabus kaffalanii erga mirkanaa'eefii booda maxxansuusaaniis ni dubbatu. Qaamni hayyameef qarshii kaffaluu qaban kaffalchiiseera; dogoggora barreeffamichi qabu garuu sirreessuuf yaaliin godhe hin jiru. Gama biraatiin immoo, qaamni dhimmi kun ilaaluu yookaan hayyama kenne duraan Waajjira Daldalaa fi Misooma Gabaa jedhamee waamamaa kan ture yoo ta'u, yeroo ammaa kana dhimmichi ga'ee Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii ta'uunsaa hubatameera. Waajjira Aadaa fi Tuuriizimiis rakkoon kun jiraachuusaa hubatee gara fuula duraatti hubannoo barbaachisu uumuufi tarkaanfii sirreeffamaa fudhatamuu qabu akka fudhatu ibseera.
- Dogoggorri barreeffamaa akkanaa guddina Afaan Oromoorrattis ta'ee daldalasaaniirratti midhaa fiduu akka hinqabaanne abbootiin qabeenyaa hedduun niamanu. Muraasnisaanii garuu daldalasaaniirratti miidhaa inni geessise hin jiru; dagaagina Afaan Oromoorratti garuu miidhaa fiduu akka danda'u tilmaama qaban ibsaniiru.

- Waajjirri Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroo barreeffamoonni maqaa dhaabbilee daldalaa fi beeksisa adda addaa magaalattii keessatti argaman dogoggoraan kan guutaman ta'uu, ni beeka. Haa ta'u malee, kan hayyama kennaa ture waajjiricha osoo hin taane Waajjira duraan Daldalaa fi Tuuriizimii jedhamaa ture ta'uusaa ibsani.

- Yeroo ammaa kana garuu dhimmicha too'achuun dirqamasaa akka ta'es ni amana. Waajjirri keessa kutaan dhimma afaaniirratti hojjetus dirqamasaa kan hin ba'anne yoo ta'ellee akka caasaatti ni jira. Rakkoolee jiran furuuf tarkaanfiin hanga ammaatti fudhatame yoo jiraates koree hundeessuu bira dabree bu'aa kan agarsiise miti. Dogoggorri barreeffamoota akkanaa keessatti uumaman dagaagina Afaan Oromoorratti miidhaa guddaa geessisuu akka danda'us gama waajjirichaan hubannoon ni jira. Barreeffamoota hanga ammaatti magaalattii keessa jiran sassaabamanii sirraa'uu akka qabanii fi gara fuula duraatti kanneen hojiirra oolan dogoggora qubeerraa bilisa ta'uun Waajjira Aadaa fi Tuuriizimiitiin erga mirkanaa'ee booda barjaaleerratti akka barreeffamuuf qajeelfamni kennamuu akka qabus ibsameera.

5.2. Goolaba

Barreeffamoonni Afaan Oromoo qaamolee adda addaatiin dhimmoota adda addaatiif katabamanii Magaalaa Aggaaroo keessatti maxxansaman marti dogoggora qabu. Dogoggorri inni jalqabaa qalama ittiin barreeffamu, qalama irratti barreeffamuu fi guddina qubeetiin kan walqabatudha. Barjaawwan magaalaalee Oromiyaa keessatti maxxansaman jalqaba Afaan Oromootiin, itti aansee Afaan Amaaraatiin barrreeffamuu waan qabaniif qofa afaanota lamaaniin barreeffamu malee haalli barreeffamasaanii tokko miti. Afaan Oromoo akka fageenyatti hin mullannetti xiqqaatee yoo barreeffamu, Amaariffaan garuu akka fageenyatti dubbifamutti katabama. Kana malees, halluun Afaan Oromoo ittiin barreeffamuu fi irratti barreeffamu kan walsiman miti. Fakkeenyaaf, halluu bunaarratti qubee gurraachaan isumayyuu xiqqeessanii qubee dogoggoraan katabuun gochaa itti yaadamee raawwatamu ta'uun hubatamuu qaba.

Sababa dogoggora akkanaatiin ergaa Afaan Oromootiin dabarsuu barbaadame hin dabarsani; yookaan ergaa dogoggoraa ta'e dabarsu. Kanaaf qaamolee barreessisaniifis ta'e abbootiin qabeenyaaf guddina Afaan Oromootiif faayidaa gumaachan hin qabani. Haa ta'u malee, guuddina afaanichaarratti miidhaa hedduu geessisuu akka danda'u beekamuu qaba.

Barreeffama maqaa manneen daldalaa Afaan Oromootiin kan barreessu ogeessa barreeffamni isaa haalaan bareedu yammuu ta'u namni barreessu kun waa'ee seerluga Afaan Oromoo irratti leenjii kan hin qabne ta'uunsaa hubatameera. Namni kun hojii kana hojjechuuf beekamtii seeraas kan hin qabnee dha. Waajjirri daldalaas dhimma kana hordofaa akka hin jirre qorannoo kanaan bira gahameera. Iddoowwan dogongorri adda addaa itti uumamee jiruttti qaamni hordofee tarkaanfii fudhatu hin jiru. Waajjirri daldalaa fi bulchiinsi magaalaa Aggaaroo dhimma kana ilaalchisee hordoffii fi tarkaanfiin fudhatame baay'ee salphaa kan ta'eedha.

Namoonni barreessanis ta'an kanneen barreessisan rakkinni kun jiraachuu hin beekani yookaan osoo hin beekin dogoggora akkanaa raawwachuu danda'u. Namoota haala kanaan dhimmoota miidhaa geessisan adda addaa raawwatan, qaamni mootummaa sirreessu tokko jiraachuu qaba. Mata-duree qorannaa kanaan walqabatee rakkoolee uumamanis qaamni mootummaa sirreessuu qabu caasaa mootummaatiin hundaa'ee hanga bulchiinsa magaalaatti diriiree jira. Haa ta'u malee, qaamni kun rakkinicha furuu fi dogoggora jiru sirreessuuf yaaliin inni godhe ga'aa miti.

Kunimmoo, afaansaatti haalaan fayyadamuuf, dagaagfachuuf, eenyummaansaa kabajameefii jiraachuuf fedhii hawaasni Oromoo qaburratti kan gufuu guddaa ta'uu danda'uudha. Caasaan mootummaan seerluga Afaan Oromoo akka kabachiisu dirqama itti kennes ga'ee hojiisaa beekee dirqamasaa sirriitti ba'achuu qaba.

Uummanni Oromoo, uummata waggoota dheeraaf afaansaatiin akka hin dubbanne, hin baranne, ittiin hin barreessine labsii mootummaatiin dhorkamaa tureedha. Haa ta'u malee, caasaan mootummaa mirga sabootaa fi sab-lammootaa sarbaa ture, qabsoo uummataatiin ega unkutaa'ee booda, akkuma sabootaa fi sab-lammoota kanneen biroo mirga afaansaatiin dubbachuu, barreessuu, barachuu, waajjiraalee mootummaa keessatti itti fayyadamuu gonfatee jira. Mirgoota heeraafi seeraan argate kanneen sirriitti fayyadamuunimmoo dirqamasaati.

Dogoggorri barreeffamoota Magaalaa Aggaaroo keessatti yeroo ammaa kana mul'atan sadarkaa rakkisaarra jiraachhuusaa fi saffisaan furamuu akka qabu qorannaan kun mul'iseera. Kun ta'uu baannaan dagaagina Afaan Oromoorratti, egeree dinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa uummata Oromoorra miidhaa guddaa akka geessisus hubachiiseera. Rakkina yeroo ammaa Magaalaa Aggaaroo keessatti Afaan Oromoo mudataa jiru furuunimmoo dirqama qaama tokkoo ta'uu hindanda'u. Afaan Oromoo guddisuun, waaltessuun, badiinsarraa eeguun, kunuunsuun ga'ee uummata Oromoo, Mootummaa Oromiyaa fi beektota Oromooti. Uummanni Oromoo Afaan Oromoo haala rakkisaa keessatti, dhiibbaa irra ga'aa ture danda'ee badiinsarraa eegee har'aan ga'eera. Yeroo ammaa mirga afaansaatiin boonuu, itti fayyadamuu, kunuunsachuu fi itti tajaajilamuu erga gonfatee booda rakkina afaansaa quunnamu ofirraa qolachuurraa of duuba jechuun dadhabina guddaadha. Kanaaf,qaamni mootummaa dhimma aadaa fi afaaniirratti akka hojjetuuf hundaa'es ga'eesaa ba'achuu qaba. Kana ta'uu baannaan dhiibbaan rakkoon kun waaltinaafi dagaagina ogbarruu Oromoorratti fidu salphaa hinta'u.

Afaan tokko loogota sadarkaalee garagaraa kanneen akka looga qubee looga jechaafi looga haasawaatiin waalta'uu danda'a. Kanaaf barreeffama tokko keessatti jechoonni waliigaltee uummataarratti yookaan ergaa sirrii dabarsuurratti gufuu ta'u yookaan dogongora uumu taanaan waaltina jechootaafi guddina afaanichaarratti gufuu guddaa uumuu danda'u.

Afaan waaltessuun adeemsa afaan tokko qopheessuu, qindeessuufi ammayyeessuu ta'ee kan dubbattoonniifi barreessitoonni afaanichaa haala walfakkaatuun rakkoo yookaan dogongora hiikaafi ergaa tokko malee walquunnamuun yaada waljijjiiran yammuu ta'u akkaataa odeeffannoo sassaabameefi qaaccessa geggeeffameetiin seerri yookaan haqni kun barreeffamoota Afaan Oromoo beeksisa barjaaleerraa magaalaa Aggaaroorratti kan mul'atu miti.

Dimshaashumatti qorannoo kana keessatti xiyyeeffannoon waaltina afaaniitiif kenname loogawwan bakka garagaraa waaltessuurratti osoo hin ta'in qubeewwan yookaan jechoota sirrii ta'anii akkaataa seerlugni Afaan Oromoo heyyamutti barreeffamuu dhiisuun beeksisoota barjaaleerraa qubeewwaniifi jechoota sirrii ta'an addaan baafachuurratti dhiibbaa waan fidaniif waaltina sagaleewwaniifi jechootaa akkasumas seerluga barreeffama afaanichaarratti dhiibbaa guddaa geessisu jechuudha. Sababiinsaa afaan tokko barreeffamaanis ta'ee haasawaan kan guddatuufi waalta'u hawaasa afaanichatti fayyadamuun waan ta'eef.

5.3. Yaada Furmaataa

Goolaba olitti kennamerraa ka'uun yaadolee furmaataa armaan gadii kaa'uun ni danda'ama.

- Hunda dura uummanni Oromoo Magaalaa Aggaaroo rakkina yookaan dhimmoonni guddina afaansaatti gufuu ta'an yoo quunnaman gufuu akkanaa of duraa buqqisuun dirqamasaa ta'uu beekuu, afaansaatiif quuqamuu qaba. Maqsuufis socho'uu qaba.
- Qaamoleen mootummaa adda addaa fi beektonni Oromoo uummata of duuba hiriirsanii dagaaginaafi waaltina Afaan Oromoo mirkaneessuuf ga'eesaanii ba'achuutu irraa eegama. Qaamolee dhimmi kun ilaalu keessaa tokko Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaarooti. Qaamni kun garuu qarshii kaffalchiisuun barreeffamoota barreessaman akka maxxansan hayyamuu qofa osoo hin ta'in dogoggorarraa bilisa ta'anii seera Afaan Oromoo eeganii katabamuusaaniis mirkaneeffachuun dirqamasaa ta'uu beekuu qaba. Haaluma wal fakkaatuun, guddina qubee, halluun ittiin barreeffamuu fi irratti barreeffamu rakkoo tokko malee dubbisuuf mijaawaa ta'uu mirkaneeffachuutu irraa eegama.
- Ga'een namoota barreeffamoota kunneen barreessanii waan waraqaarratti barreeffamee itti kenname guddisanii katabuu akka ta'e qorannaan kun mirkaneesseera. Kanaaf, qaamni barreessisu marti qarshii kaffaluu qofa osoo hin

ta’in, dogoggora seerluga Afaan Oromoorraa bilisa ta’uusaas erga mirkaneeffatee booda barreessisuu qaba.

- Waajjirri Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroo namoota barreessifatan qarshii kaffalchiisuu qofa osoo hin ta’in dogoggora qabaachuu fi dhiisuu erga mirkaneeffatee booda hayyamuutu irraa eegama. Kanneen yeroo ammaa kana maxxansamanii jiranu sirreessuufis tarkaanfii fudhachuu qaba. Koreen dhimma kanarratti hojjechuuf sadarkaa magaalaatti hundaa’es saffisaan hojiisaa eegaluutu irra eegama. Kana malees, namoonni barreeffama akkanaa barreessisanii maxxansuu barbaadan dursanii Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroorraa fudhachuu akka qaban barsiisuun barbaachisaadha. Dhimma kanaan walqabatee qajeelfamni barbaachisus saffisaan qophaa’uu qaba; daldaltootaafis ta’e barreessitootaafis hubannoo kennuun barbaachisaa ta’a. Hunda caalaammoo dhimmi Afaan Oromoo dhimma Waajjira Aadaa fi Tuuriizimii qofa akka hin taane beekamuu qaba. Kanaaf beektoonni, qaamoleen mootummaa martii fi walumaagalatti uummanni afaansaatiif dhimmamuutu irraa eegama.
- Barreeffamoonni Afaan Oromoo barjaalee kamiinuu irratti (manneen daldalaas ta’ee waajjiraalee mootummaa fi miti mootummaa) barreeffaman nama seerluga Afaan Oromoo beekuu fi muuxannoo Afaan Oromootiin barreessuu qabuun barreeffamuu qaba. Ogeessonni dhaabbiidhaan ogummaa kanaan heyama seeraa qabaatanii hojii kanarratti babba’an jiraachuu qabu. Hojii barreeffama barjaaleerraa kanaan carraan hojii uumamuu qaba.
- Afaan guddisuun waan haaraa qorachuun hawaasa biraan gahuu qofa miti waan ta’eef, Koreen waaltina Afaan Oromoo hawaasni afaan kana hasaadhaanis ta’ee barreeffamaan akkamitti akka itti fayyadamaa jiru hordofuun tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisu kennaa adeemuu qabu.

- Hojjettoota miidiyaalee Afaan Oromoorraa hojjetanirraas gumaachi barbaadamu salphaa miti. Sababnisaa, gama tokkoon, jechoota waaltawanitti fayyadamuun qilleensarra yoo oolchan namoonni hedduun barachuu waan danda'aniifidha. Akkasumas, uwwisa miidiyaa ga'aa ta'e kennuufiidhaan dogoggora fayyadama afaanii barreeffama barjaaleerratti mul'atan beeksisuun, irrattis mariisisuun akka sirraa'u gochuufis ga'ee qabu.
- Mootummaan naannoo Oromiyaa geggeessitoota naannocha keessatti sadarkaa garagaraarratti argamaniif dogongorri kun guddina ogbarruu Afaan Oromoorratti dhiibbaa guddaa akka fidu hubachuun rakkoo kana hordofanii tarkaanfii sirreeffamaa barbaachisu akka fudhtaniif akeekkachiisuu qaba.
- Rakkoowwan dogongora barreeffama Afaan Oromootiin walqabatu kana hambisuuf namoonni qorannoo gadi fagoo geggeessuu barbaadan qorannoo walfakkaatu adeemsisuun rakkoo mul'atu addaan baasuun tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamuuf kallattii furmaataa dabalataan eeruu danda'uu qabu.

Wabiilee

Abdulsamad Mahammad (1994). *Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee. Mega Printing Press.

Abiy Zegeye (2009)**.** *Introduction to Research Methods:* Preparatory Module for Addis Ababa University Graduate Programmes, Graduate Studies, and Research office AAU.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo: Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee:

Alemayehu Fekede. & Takele Gemechu. (2016). *An analysis of linguistic landscape of selected towns in Oromia:* An ethno linguistic vitality study. *Journal of Languages and Culture, 7(1), Pp. 1-9.*

Amanuel Raga. (2012). *Linguistic landscape and language attitude: A case study on Jimma town's linguistic landscape inscribers" attitude for Afan Oromo. International Journal of Sociology and Anthropology, 4(7), pp. 218-225.*

Asafaa Tafarraa (2009).*Eela, Seenaa Oguma Oromoo. Oromiyaa Finfinnee.*

Askale Lemma. (1998). *Some Points on Oromo Orthography*. In Interdisciplinary Seminar of Ethiopia Studies.

Beekamaa Likkaasaa.(1996). *Seerluga Afaan Oromoo*. Barattoota Sadarkaa 1ffaa fi 2ffaa. Finfinnee. Dhaabbata Maxxansaa Artistikii.

Bekan Guluma. (2014). *Xiinxala qulqullina barreeffama Afaan Oromoo:* Muummee Afaan Oromoofi Ogbarruu, Kolleejjii Saaynsii Hawaasaafi Namummaa, Yunivarsiitii Amboo, Oromiyaa (Kan hin maxxanfamne).

Bhandarkar and T.s. Wilkinson.(2015). *Methodology and Techniques of Social_Research*. (24th ed.). Himalaya Publishing House pVT .LTD

Biiroo Aadaa fi Beeksisa Oromiyaa (1990). Gumii Qormaataa fi Waaltina Afaan Oromoo. Wirtii Jidii 3ffaa. Finfinnee.

Biiroo Aadaa fi Beeksisaa Oromiyaa (1992). Wiirtuu Jildii 4ffaa fi 5ffaa. Finfinnee. Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Biiroo Aadaa fi Tuuriizimii Oromiyaa (1998). *Caasluga Afaan Oromoo Jildii 1ffaa*. Finfinnee.Gumii Qormaata Afaan Oromoo.

Biiroo Aadaa fi Ispoortii Oromiyaa (2001). Gumii Qormaataa fi Waaltina Afaan Oromoo. Wirtuu Jildii 9ffaa. Finfinnee.

Bloomfield, Leonard (1914). *An introduction to the study of language*. New York: Henry Holt and Company

Bovee, G.L.(2006).*Techniques of Writing Business Letters,Memos and Reports.* New Delhi: JaicoPublishin House.

Bovee, C. and Arens, W. (1989). Contemporary Advertising. Chicago: Irwin home wood, Illinois.

Brant, L.(1963).*Your Language*. Mc.Graw HillBook.Com,Inc.

Campbell, Lyle (2004). *Historical Linguistics: an Introduction (2nd ed.).* Edinburgh and Cambridge, MA: Edinburgh University Press and MIT Press.

Clackson, James (2007). *Indo-European Linguistics: An Introduction*. Cambridge University press.

Clarke, David S. (1990). *Sources of semiotic: readings with commentary from antiquity to the present*. Carbondale: Southern Illinois University Press.

Clark, L., Zimmer, K. and Tinervia, J. (1994). *Business English and Communication*, 8th ed. New York: Glencoe Mc Graw, Hill.

Dastaa Dassaalany. (2002). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Diamond, J. (1993). *Speaking with a single tongue*. New York: Discover.

Gadaa Melbaa. (1988). *Oromia*: An Introduction. Khartoum, Sudan.

Gragg, G. (1976). "*Oromo of Wollega*." *In The Non Semantic Language of Ethiopia*, ed.

Guta Legesse. (2016). *Error analysis in billboard advertisements written in Afan Oromo in Jimma town.* Journal of Languages and Culture, 7(6), 62-68.

Harid, C. (1996). Careers in Marketing Advertising and Public Relations. London: Logan Page Ltd.

Jupp, Victor. (2006). *The Sage-Dictionary Of Social Research Methods.* London: Pine Forge press.

Kothari, C.R. (2010). *Research Methodology: Methods and Techniques.* New-Delhi: New Age International Publishers.

Kulick, D. (1994). *Language shift and cultural change., Australian Linguistic Institute on language maintenance and shift 29/3.*

Kumar, R. (2005). *Research Methodology (2nd.ed.).* Singapore: Pearson Education.

Mackay. W. F. (1989). *Determining the status and function of languages in multinational societies.* In U. Ammon (Ed.), *Status and function of languages and language varieties*. New York: Walter deGruyter

Misganu Gulummaa (2012). Biiftuu Guddinaa Afaanii. Finfinnee Oromiyaa. https: //en.wikipedian.org /w/.

Pousada, A. (1996). *On the horns of a language planning dilemma.TESOL Quarterly, 30/3*

Ricento, T.K., & Hornberger, N.H. (1996). *Unpeeling the onion: Language planning and policy and the ELT profession*. TESOL Quarterly, 30/3.

Shigemoto, J. (2011) *Language Change and Language Planning and Policy, Hawai*: PREL

Spencer, M. (1992).And what of the languages of Micronesia.In F. Mugler and J. Lynch (Eds.) *Pacific languages in education*. Suva, Fiji: Institute of Pacific Studies.

Strong W. etal. (1996).*Writers Choice: Grammer and Composition.* USA: Glencue/Mc Graw Hill.

Tilahun Gamtaa (1986). *Oromo-English Dictionary*: Problems of Indicating Pronunciation Using the Amharic Syllabary. Proceedings of the Ninth International Congress of Ethiopian Studies 5. Moscow, p. 132.

Xilahun Gamtaa (1992). "*Afaan Oromo"*. A paper presented at the 1992 Oromo Studies Conference, pp.1-12.

Xilahuun Gamtaa (1995) *Seera Afaan Oromoo*. Finfinnee.

Wasanee Bashaa. (2003/4). *Qor-Lugaa fi Seerluga Afaan Oromoo*. Finfinnee.

(http://www.madehow.com/Volume-5/Billboard)

Dabalee 'A'

Yuunivarsitii Jimmaa

Koolleejjii Saayinsii Hawaasaa fi Hiyumaanitiitti

Muummee Barnoota Afaan Oromoofi Ogbarruu

Gaaffiiwwan Afaaniin Deebi'an

A. Af-gaaffii Abbootii Qabeenyaa Waliin Geggeeffame

1. Maqaa beeksisa daldala keessanii kana eenyutu isiiniif barreessee?
2. Namni isiniif barreesse Afaan Oromootiin dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuufi dubbisuu nidanda'aa?
3. Barreeffamni isin barjaarraatti barreessifattan dogoggora seera barreeffama Afaan Oromoo qabaachuusaa qaamni isinitti himee isiniif sirreessuu yaale jiraa?
4. Dogoggorri barreeffamaa barjaarraa waaltina Afaan Oromoorrattis ta'ee hojii daldala keessaniirratti miidhaawwan inni geessisuu danda'u jira jettanii yaadduu?

B. Af-gaaffii Barreessitoota Barreeffama Barjaaleerraa Waliin Geggeeffame

1. Sadarkaafi gosti barnoota keetii maali?
2. Afaan Oromootiin dubbachuu, dhaggeeffachuu, barreessuufi dubbisuu ni dandeessaa?
3. Beeksisootaafi maqaawwan barjaaleerraa magaalaa Aggaaroo keessa jiran dogoggora seera barreeffama Afaan Oromoo akka qaban beektaa?

C. Af-gaaffii Hogganaafi Ogeessa Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Waliin Geggeeffame

1. Dogoggorri barreeffama beeksisoota barjaalee magaalaa Aggaaroo keessatti ni mul'ataa? Yoo kan mul'atu ta'e kanneen akkamiitii? Maddisaa maalfaa ta'uu danda'aa?
2. Dogongoroota yookaan rakkoolee mul'atan to'achuun dirqama waajjira keessanii ta'uufi ta'uu dhiisuusaa addaan baastanii beektuu?
3. Waajjira Aadaafi Tuuriizimii Magaalaa Aggaaroo keessatti kutaan dhimma afaaniirratti hojjetu jiraa? Yoo jiraate ga'eesaa ba'achaa jira jettanii yaadduu? Akkamitti ba'ataa? Maaliif hin ba'atuu?
4. Dogoggorri barreeffamoota barjaaleerraa guddina ogbarruu Oromoorrattifi waaltina afaanichaarratti miidhaa geessisu ni qaba jettanii amantuu? Rakkoo qabaachuusaa ni amantu yoo ta'e, rakkoo kana furuuf gara fuula duraatti maal yaaddan?

Dabalee ‘B’

Odeeffannoowwan Suuraawwaniin Qindaa’an

(Dogoggora caasaa Afaan Oromoo (dogoggora qubee, dogoggora filannoofi fayyadama jechaa akkasumas dogoggora jijjiirraa afaan maddaafi afaan jijjiirraa agarsiisan)

W/ra Bul/Magaala Aggaaroo
የአጋሮ ከተማ አስተዳደር ጽ/ቤት
Agaro City Administration Office
Lakk-Bil 047-2214411
Fax 0472-211033
Posta 18

Oi'maa Daaimanii Hawwii Aggaroo
ህዊ አጋሮ
HAWI AGARO KINDER GARTEN
አፀደ ህፃናት

FUJIFILM
FDi
Digital
Suuraa Paarki
Aabaabbu Aggaroo
ሰባሙ ፎቶ ፓርክ አጋሮ
Maxxansaa Fi Beeksisa
ህትመትና ማስታወቂያ
Suuraa Daqiiqa 3
ስስትዲጂ ፎቶ በ3 ደቂቃ
0917757575 /091766666

BULCHINSA MAGAALAA AGGAAROO

Maraa Kattaa Mudugaatti .
Mana kuusaa Gurgurttaa Damma Qulqulluu
ከታ ሙዱጋ ኃ/የተ/ሁ/የገ/ኃ/ሥ/ዩኒየን
የማር መሸጫ ቤት
Odeefannoo Daabalaataf Bilbiila W/Ra :- 251-472 21 41 23
Mobaayila 0985 28 95 24 / 0919 14 00 05

Mana Gurgurtaa Meeshaalee Ijaarsa Anfaan

KILINIKA ILKAAN KIYAA
ኪ.ያ የጥርስ ክሊኒክ
DT Fayera
Manahariyaa Fuudurraa
0917 803027

GOL.MIIDHAGINAA
RAHMAT
ራህመት
የመ-በት ሳሎን
0934 451011

BULCHIINSA LOOTARII
BIYYOLESSAATTI DAMEE
AGGAAROO

W/Q/D/Itiyoophiyaatti Dukkaana
Qorichaa Aggaaroo
ERCS Agaro Drug Shop
047-2211072
27

Mana Nyaata Zabüb

WALDAA AKSIYOONA KOPHEE ANBASSAATTI
MANA KOPHE ANBASSAA DAMEE AGGAAROO
047 221 1029 / 011 275 42 74
MANA KOPHEE ANBASSA

KILINIKA ADDAA G/G ILKAANII Dr. MALKAA
ዶ/ር መልካ መካከለኛ የጥርስ ሕክምና ክሊኒክ
0913-849515
MANA SUPHAA FI MEESHAALEE
JIJJIRAA MOOBAAYILAA
ABDALLAA
አብደላ የሞባይል ጥገናና መለዋወጫ
Mana Hojii Warqii f
0919-109888
HDAS
EUROSOLAR

Gola Miidhagina Dhiirotaa Zalaalan
Esmaail Daldala Gommaa
ስስማኢል የጎማና ባትሪ ንግድ
0911361982
0917615555
0478215555
GS
ROCKET

WAAJIRA YUUNIYEENII WALDAA HOJII
GAMTAA QONNAAN BULTOOTA
KATTAA MUDUGAA I/G/I/MURTA'E
Kata muduga Multi Purpose Farmer & Cooperative Union LTD
Billiila :-25147 2214123
Fax :-251 111470933
Mobaayila :-251 85289524/-251 919140005
Email :-Keta muduggaa@gmail.com
S.Poostaa
Website
Suuraa
Hanfachisaa
Daqiqaa 3
coop

kaaffee fi Reestoraantii Mimmi
foon maal koof
HAPPY BIRTH DAY

MANA NYATAA AMAARECH

Girooserii
Abbaay Mincii
BEDELL
BEER
Hoteela Abbaay Minc

Hoteelaa Fayyaa
ፈ.ዮ ሆ.ቴ.ል

MANA KITAABAA UMMATA M/AGGAAROO
ስ.ጋሮ ህዝብ ቤተ መ.ጽ.ሐ.ፍ.ት
AGGARO PUBLIC LIBRARY

DAGA NAGAAN DHUFTAAN!
እንኳን በደህና መጣችሁ!
WEL-COME

OLmaa Daa'imanii Hawwii Aggaaroo
Hawi Agaro KinDerGarten
ሀዊ አጋሮ አፀደ ህፃናት ት/ቤት
ABCD
ABCD
ABCD
ሀ ሁ ሂ
Tezera Digital

KILINIKA G/GALEESSA
YAADETAA QANE'AA
AGGAAROO
ያደታ ቀንዓ መካከለኛ ክሊኒክ
አጋሮ Tel 047 221 1057

HIV Haadha Irraa Gara Dao'
Hin dabarre Gamtaan Haa
hojjennu!

Ameetuulaa fi Sieed Daldala
Kophee I/m/x
0914 452491

Dhaabbata Leenjii
Mana Huccu Habtaamu Tashoome
ሃብታሙ ተሾመ
ዘመናዊ የወንድና የሴት አልባሳት በጥራት እንሰፋለን
GENET PRINT
0917803079
0910081799

M/AMANTAA ORTO/T/ITOOPHIYAATTI
KUTAA LALLABA BIYYOOLESSA G/JI-
MMAATTI W/RA K/LALLABA A/GOMMA-
A FI AGGAAROO
TEL.047-2-21-13-19

UMRII NUUF DHEERADHU
TOKKUMMAAN
JALALAFI IDA'AMA
JALALAFI IDA'AMA
DR. ABIY AHIMAD
JAWAR MOHAMMED
DR. LAMMAA MAGARSAA
Gootota Dukkana Blyyattii ifati jijjiran

MANA SUPHAA MOOBAAYILAA FI
AKSSASARII DIINUU
ዲኒ ሞባይል አክሰሰሪ እና ጥገና ማዕከል
ሞባይል ጥገና
ኦርጅናል ፍላሽ እና ሚሞሪ ካርድ
ኦርጅናል ቻርጀሮች
ኢሬዘሮች እና ኬብሎች
ፍላሽ እና ሚሞሪ ላይ እንቁዋናለን
የሞባይል ሶፍትዌር እንቁዋናለን
ሲድቲ ስሞሮችን እና ግላስ እዚህ ያገኛሉ
0928280948/18974792

OROMUMAN HAA LALISU
OROMUMAN MADDA JALALAFI
NEGENYA DHALA NAMAATA'UU
ADDU NYAAN HAABARATU
ፍቅር ያሸንፋል
JALALAFI
IDA'AMA
MUUMMICHA MINISTEERA
ITIYOOPHIYAA
DR. ABIY AHIMAD
PIREZIDAANTI MOOTUMMAA
NAANNOO OROMIYAA
OBBO LAMMAA MAGARSA

ELEKTROONIIKSII MAHLEET
ማህሌት ኤሌክትሮኒክስ
MeWe
Electronics
Electronics

Staaylii KK
KK ስታይል

GIDDU GALA MOOBAAILA SAMI
ሳሚ ሞባይል ሴንተር
0911-19 732
TECNO

WALQUNNAMSISTTU HOJII BIYYA ALAA
AL-FAARUQ
አል-ፋሩቅ
09 34 004040
09 34 004141
09 11 354765

Saba Huundumaa
Kristosif
ሀገሀቦን ሁሉ ክክርስቶስ

MANA ELEKTROONIIKSII ARAARSAA
አራርሳ ኤሌክትሮኒክስ
047 111 55 52
0917 55 20 94

Hub: Suuraawwan armaan olii kunnneen dogoggora caasaa Afaan Oromoo (dogoggora qubee; qubee xiqqaafi qubee guddaa iddoo malee fayyadamuu, dogoggora dubbachiistuu dheeressuufi gabaabsuu, dogoggora dubbifamaa jabeessuufi laaffisuu, dogoggora irrabuta ilaallatu, dogoggora dubbifamaa lama jalqabaafi dhuma jechaarratti fayyadamuu, dogoggora qubee Afaan Oromoo addaan baasuu dhabuu, fayyadama hudhaarratti hanqinoota mul'atan), dogoggora filannoofi fayyadama jechaa (hanqina duraa duuba jechaa), dogoggora jijjiirraa (afaan maddaafi afaan jijjiirraa, hanqina jijjiirraa maqaa, jechoota mijatoo hintaaneefi yaada yookaan ergaa guutuu hin taane kanneen dabarsan) yammuu ta'an dogongoroonni kunneenimmoo guddinaa fi waaltina ogbarruu Oromoorratti dhiibbaa guddaa fiduu akka danda'an qorannoon kun ifatti kan agarsiiseedha.